



Suurri: Daanyee Abarraatiin

Raayyaa qormaata keessatti ijaaramaa dhufe

Waasihun Takileetiin

Finfinnee: Raayyaan ittisa biyyaa bu'uura cimaa Itoophiyaati jedhan pirezidaantiin RFDI Taayyee Atsqasillaasee.

Guyyaan Raayyaa Ittisa Biyyaa 117ffaam mataduree "Raayyaa qormaata keessatti

ijaaramaa dhufe" jedhuun qajeelcha olaanaa raayyaa ittisaatti taateewwan garagaraatiin kaleessa Qajeelcha Waliigalaa Ittisaatti kabajame.

Saganticharratti Pirezidaantiin RFDI Taayyee Atsqasillaasee, Shuumiin Itaamaajoorii Humnoota Waraanaa Waliigalaa Fiildi Maarshaal Birhaanuu Juulaa, Ministirri Ittisaa

Injiinar Ayishaa Mahaammad, qondaaltonni olaanaafi miseensonni waraanaa akkasumas keessummoonni waamaman argamaniiru.

Pirezidaantiin Taayyeen wayituma kana, Raayyaan Ittisa Biyyaa nagaa, tasgabbiifi birmadummaa biyyaa dhiigasaatiin kan turse

Gara fuula 14tti



Oromiyaatti ji'oota sadan darbanitti namootni miliyoona 1.2 dhibee busaatiin qabaman

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Oromiyaatti tatamsa'ina dhibee busaa bara darberraa kaasee hammaataa jiru maqsuuf sochii jabaan taasifamus ammayyuu namootni dhibee busaatiin qabaman miliyoona 1.2 dhaqqabuu Biiroon Fayyaa Naannichaa beeksise.

Hogganaa Ittaanaan biirichaa Doktor Tasfaayee Kabbabaa Roobii darbe Gaazeexaa Bariisaaf akka ibsanitti, jijjiiramni haala qilleensaa

Gara fuula 14tti



Gumaacha gurgurtaa aksiyoona %10 Itiyoo Telekoom dinagdeefi dijitaalaa yizeshinii keessatti

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Guddina dinagdee biyyaa mirkaneessuuf mootummaan fooyyessa dinagdee mandhalee ('home grow economy reform') eegaluun hojiiwwan garagaraa hojjechaa jira. Gurgurtaan aksiyoona %10 Itiyoo Telekoom tibbana bakka Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD)

argamanitti ifoomses fooyyessa taasifameef mul'istuu isa tokko.

Gurgurtaan aksiyoonaachaa marsaawwan lamaan gurguramee lammiilee biyyattii abbaa aksiyoona taasisuuf yaadameefi hanga baatii Muddee dhufuutti turu gurguramaa jira.

Gara fuula 14tti

"Misoomni koriidarii magaalaa miidhagsuurra darbee dhaloonni biyyasaa waliin hariisoosaa akka cimsatu taasisa"

. Misoomni koriidarii baadiyyaas eegalameera

- Aadde Caaltuu Saanii

Saamraawiit Girmaatiin

Finfinnee: Misoomni Koriidarii magaalotatti hojjetamaa jiru kaayyoo magaalota miidhagsuu qofa kan qabu osoo hintaane, dhaloonni hariiroo biyyaafi mootummaasaa waliin qabu cimsuurratti bu'aa olaanaa akka qabu Ministeerri Magaalaa Bu'uuraalee Misoomaa ibse.

Ministirri ministeerichaa Aadde Caaltuu Saanii gaafdeebii dheengadda

Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, misoomni koriidarii Finfinneetti kan jalqabame yoo ta'u, ka'umsisaa guddinniifi dinagdeen magaalota calaqqistuu badhaadhinaa ta'uu qabu kan jedhu ta'uufi magaalaa guddittii biyyaa kan taate Finfinneetti deeggarsa Ministira Muummee Itoophiyaa Abiyyi Ahmad (PhD)n jalqabe. Hoggansi magaalattiis kantiibaarraa cegalee hanga sadarkaa



Suurri: Daanyee Abarraatiin

sadarkaatti, akkasumas tumsi jiraataan magaalaa taasisan akka fakkeenyaatti kan fudhatamuudha.

Gara fuula 12tti

ODUU



Aade Habiba Siraj

Finfinneetti daldaloota gatii himmalle dabalaa 2,447 irratti tarkaanfiin fudhatame

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Fooyya'iinsa dinagdee gooroo hordofee Finfinneetti daldaloota qaala'iinsa gatii hammeessuuf meeshaaleerratti gatii himmalle dabalaa 2,447 irratti tarkaanfiin seeraa fudhatamuu Biiron Daldalaa Magaalattii beeksise.

Hoggantuun biirichaa Aade Habibaa Siraj turtii Roobii darbe Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, biiron daldalaa magaalattii qaala'iinsa jireenyaa maqsuuf omishaalee qonnaanis ta'ee industiriin hanqinni dhiyeessii akka hinjiraatne, gatii dhiyeessii madaalawaa ta'uufi ta'uu dhabuu, omishaalee harkaqaal'eeyyii giddugaleeffachuun hirpha mootummaan dhiyaatan kanneen akka zayitiifi shukkaaraafaa haala qixa sirriin hawaasa bira ga'urratti toora xiyyeeffannoo taasifachuun hojjechaa jira.

Qaala'iinsa gatii maqsuuf giddugaleessawwan dhiyeessi omishaalee qonnaa hundeessuu cinatti gabaa Sanbataa dhaabuun omishaaleen gatii gabaa idileerraa dhibbantaa 15-20 gadibu'een akka dhiyaatu taasifamaa jiraachuu himanii; fooyya'iinsa dinagdee gooroo akka biyyattii taasifame hordofee daldaloota karaa dalgaan duroomuuf gatii hin malle dabalaniifi omishaalee dhoksan 2,447 irratti tarkaanfiin akeekkachiisaa hanga mana daldalaa saamsuu fudhatameera. Isaan keessaas daldaloota 633 tarkaanfiin mana daldalaa saamsuu akka irratti fudhatame eeraniiru.

Keessattuu gatiin zayitii nyaataa abbaa liitira shanii yeroo ammaa qarshii 1070-1150tti gurguramaa jiru si'a tokkoon qarshii 300 ol dabaluu qarshii 1400n ga'uu eeranii; zayitii dabalatee omishaalee nyaataafi ijaarsaarratti dabaliiin himmalle taasifame sirrachuu dhiyeessirratatti hojii bal'aan hojjetamaa akka jiru dubbataniiru.

Haa ta'u malee, har'as daldaltooni magaalattii tokko tiokko ija qaamolee to'annoofi hordoffii taasisanii ilaallachuun bakka tokko tokkotti rakkoon gatii akka dabalaa bira ga'amu himanii; rakkoo kana maqsuuf tarkaanfiin to'annoofi hordofiin deggerame akkuma jirutti ta'e hawaasni daldaloota meeshaalee dhokasaniifi gatii hin malle dabalaa saaxiluu qaba. Rakkoo madaala hanqisuun walqabatu furuufis hojiiin madaala dijitaalaa daldaloota hunda biratti hojiirra akka oolu kan taasifamu ta'uu himaniiru.

“Waltajjiin ‘BRICS+’ walta'iinsa dinagdee bal'aaf akka hojjennu karra baneera”

- Doktor Abiyyi Ahmad

Riippoortara Gaazexaatiin

Finfinnee: Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad yaa'ii biyyoota miseensota 'BRICS+' maddiitti dura bu'oota biyyoota adda addaa waliin dhimmoota gara garaarratti mari'ataniiru.

Kanas waltajjiin 'BRICS+' walta'iinsa dinagdee bal'aaf akka hojjennu karra baneera jechuun Ministirri Muummee RFDI Doktor Abiyyi Ahmad ibsan.

Doktor Abiyyi gama miidiyaa hawaasummaasaniin, waltajjiin gamlameen marii bal'aa taasifameef Pirezidaanti Vilaadmiir Putiiniin nan galateeffadha jedhan.

Seenaan Itoophiyaafi Raashiyaa yoo ilaalame hariiroon biyyoota lameenii dagaagaa ittifufeera. Waltajjiin waloo 'BRICS+' walta'iinsa dinagdee bal'aaf akka hojjennu karra baneera jechuun ibsaniiru.

Pirezidaantiin Raashiyaa Vilaadmiir Putiin gamasaaniin, daldalli Raashiyaa Itoophiyaa gidduutti taasifamu dabalaa jiraachuu ibsaniiru.

Doktor Abiyyi Ahmadiifi Vilaadmiir Putiin yaa'ii 16ffaa 'BRICS+' Raashiyaa, Kaazaanitti gaggeeffamerratti waliin mari'ataniiru. Maricharratti Doktor Abiyyi simannaa Vilaadmiir Putiin taasisaniifiif galateeffataniiru. Raashiyaa waraana keessa taatus cimina dinagdee ittifufsiisuun milkoofuu ta'uushiis dinqisiifatanii.

Itoophiyaan Raashiyaa waliin hariiroo waloo dameewwan dinagdee, dippiloomaasiifi nageenyaarratti qaban cimsuuf kutannoo qabaachuu ibsaniiru.

Pirezidaanti Putiiniin Itoophiyaan miseensa biyyoota 'BRICS+' ta'uun tarkaanfii murteessa ta'uufi fudhatamummaan biyyattiin waltajjiwwan



idiladdunyaarratti qabdu dabalaa dhufuu dubbataniiru. Hariiroon misiyoonota dippiloomaasummaa biyyoota lameen gidduus fooyya'aa dhufuu himaniiru.

Yeroo ammaas hariiroon daldalaa Itoophiyaafi Raashiyaa gidduu dabalaa dhufuu kaasanii, biyyisaanii dameewan indastiriin tumsa qabdu cimsuuf kutannoo qabaachuu dubbataniiru.

Oduudhuma walqabateen Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad Pirezidaantii Emeretota Araba Gamtoomanii Mahaammad Zaayid Alnahiyaa waliin mari'ataniiru.

Doktor Abiyyi ergaa karaa miidiyaa hawaasaasaniin dabarsaniin, “Yaa'iin 'BRICS+' obboleessa koo pirezidaantii Emeretota Araba Gamtoomanii Mahaammad Zaayid Alnahiyaa waliin carraa walarguufi waliin mari'achuu nuu uumeera” jedhuun ibsaniiru.

Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad

pirezidaantii Afrikaa Kibbaa Siiriil Raamaafoosaa waliinis dhimmoota gamlameefi zoonawaarratti mari'ataniiru. Pirezidaantii Siiriil Raamaafoosaa waliin yaa'ii 'BRICS+' irratti walarginee dhimmoota gamlameefi qaxanaarratti mari'achuuf carraa gaarii arganneerra jedhan.

Doktor Abiyyi Ahmad pirezidaantii Iraan Mas'ud Pejshiikaan waliinis mari'ataniiru. Pirezidaantii Mas'ud Pejshiikaan waliin dhimmoota gamlameefi zoonawaarratti mari'adheera jedhan.

Itoophiyaan haala muddamni jiddugaleessa bahaa ittitasgabbaa'urratti deeggarsa taasisuuf qophii ta'uushee ibsuusaanii ministirri muummeen eeraniiru.

Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad yaa'ii 16ffaa 'BRICS+' irratti mataduree,

Gara fuula 12tti

“Ummanni Oromoo qabeenyasaa kan hinqabneef qooduurra darbee hanga ilmoo waliif kennuutti waliif hoo'a”

- Obbo Mogos Ida'ee

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Buusaa Gonofaan miseensa horachuu, miseensotarraa gumaata walittiqabuu, barataa nyaachisuufi midhaan ofeeggannoof gargaaru walittiqabuufi omishuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuu beeksise.

Hogganaan dhaabbatichaa Obbo Mogos Ida'ee akka Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaatti himanitti, Buusaa Gonofaan Oromiyaa utuu hinhundaa'in dura ummata keenya rakkoo uumamaafi namtolcheen saaxilamaniif falli kennamaa kan ture gargaarsa biyyoota gara garaarraa argamuuni.

Haala qabatamaa amma jiruun biyyoonni addunyaa hedduun rakkoo nageenyaafi uumamaatiif waan saaxilamaniif akka kanaan duraa gargaarsa taasisaa hinjiran. Kanarraa ka'uun Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojii misoomaa hojjetu cinaatti yaada haaraa haala kamiin rakkoo ummata keenyaa hiikuu dandeenya jedhu maddisiisuun aadaa walgargaarsa Oromoo



Suurri: Iyyoob Taqaritiin

ilaaluu jalqabe.

Ummanni Oromoo yeroo rakkoon uumamaafi namtolchee isa qunnamu rakkoo mudaterratti hundaa'uun aadaa walgargaarsaa gabbataa qaba. Ummatiichi qabeenyasaa kan hinqabneef qooduurra darbee hanga ilmoo waliif kennuutti waliif hoo'a. Mootummaan naannichaa rakkoo qunnamuuf utuu harka namaa hinilaalin furuuf aadaa walgargaarsaa ganamaa Oromootti deebi'uu qabna jechuun Buusaa Gonofaa Oromiyaa hundeessu. Komiishinii

Hoggansa Sodaa Balaa Oromiyaa jedhamee beekamaa kan tures maqaa 'Buusaa Gonofaa Oromiyaa' jedhuun akka moggaafamuus dubbatu.

Buusaa Gonofaan Oromiyaa bara 2014 labsiidhaan hundaa'eedha kan jedhan Obbo Mogos, Buusaa Gonofaa jechuun ummanni waan qabu walittiibuusee kan hinqabne gonofuu jechuu ta'uu eeru.

Sektarichi miseensa horachuun qabeenyaafi fandiwwan adda addaa akka walittiqabuuf labsichaan taa'eera. Qabeenya walittiqabuu qofa utuu hintaane aadaan walgargaarsaa akka cimuufti ummanni bakka jirutti akka walgargaaruufis ni barsiisa jedhu. Aadaan kennuu, qusachuufi walgargaaru ummataas akka gabbatu taasisuufi aadaa hojii keenyarratti jijjiiramni akka dhufu taasisuun kaayyoowwan guguddoo mana hojichaa ta'uus eeraniiru.

Buusaa Gonofaan Oromiyarra darbee ummata naannichaa balaa uumamaafi namtolchees saaxilaman gargaaruurra darbee

Gara fuula 12tti

Beenishaangul Gumuzitti fooyya'uun nageenyaa sochii misoomaatiif haala gaarii uumeera

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Naannoo Beenishaangul Gumuzitti fooyya'uun nageenyaa sochii dinagdeefi hawaasummaaf haala gaarii uumuu Biiron Kominikeeshinii Naannichaa beeksise.

Hogganaan biirichaa Obbo Mallasaa Bayyanaa haala sochii dinagdee, nageenyaafi hawaasummaa ilaalchisanii Kibxata darbe Gaazeexaa Bariisaaf akka ibsanitti, haalli nageenyaa fooyya'uurraa kan ka'e yeroo ammaa sochiin dinagdeefi hawaasummaa naannichaa haala gaariirra jira. Manneen barnootaa muraasarraa kan hafe manneen barnootaa hedduun adeemsa baruu barsiisuu adeemsiisurratti argamu.

Naannichi qonnaaf mijataa ta'uu bira darbee qabeenya albuudaa kanneen akka sookoo, dhagaa cilee, dhagaa adii (ibnabaradii) fi kanneen biroon daran beekamaa ta'us, baroota darban rakkoo nageenyaa hamaa



keessummeessaa turuun walqabatee qabeenya kanneen qixa sirriin hojjiirra oolchuurratti danqaa uumeera.

Naannichi misoomaafi nageenya waloo waressuuf naannolee Oromiyaafi Amaaraa waliin qindoominaan hojjechaa jira, keessattuu Oromiyaa waliin fooramii nageenyaafi misoomaa hundeessuun misooma waloo mirkaneessuu cinatti fooyya'uu nageenyaa amma argameef

gumaata guddaa qabaachuu Obbo Mallasaan ibsaniiru.

Adeemsa baruu barsiisuurra darbee qulqullina barnootaa sadarkaa biyyaatti yaadame hojiitti hiikuuf dhiyeessii galtee barnootaa, soora barattootaa, gaaffii mana jireenyaa barsiisotaafi dhiyeessii galtee barnootaaf xiyyeeffannaan addaa kennamuu kaasanii; ammaan tana barattootaaf soora dhiyeessuu maddiitti gaaffii mana jireenyaa barsiisotaa deebisuuf sochiin eegalameera. Eegalamuu barnootaa dura barsiisotaaf leenjiin hubannoo gabbisuu walta'iinsa Yuunivarsiitii Asoosaatiin kennamuu ibsaniiru.

Gama sochii qonnaa ilaalchisee Obbo Mallasaan akka jedhanitti, naannichi biyyee gabbataa qabuun dabalata rooba ga'aa argachaa jiruun bara kana omishaafi omishummaa olaanaatu eegama. Dhiyeessiin xaa'oo, keemikaalaafi galtee qonnaa biroos kan bara darbeerra barana fooyya'aadha. Xaa'oo keemikaalaa cinattis

xaa'oo uumamaa qopheessuurratti hojii bal'aan hojjetamaa jira. Qonna gannaa cinattis misooma jallsii bonaaf waltajjii marii guddaan sadarkaa naannootti adeemsiifameera.

Gama biraatiin kuufama albuuda garagaraa naannicha keessa jiru guddina naannichaafis ta'e biyyaaf oolchuuf sochii bal'aan taasifamaa jira. Keessattuu godinaalee Asoosaafi Matakallatti kuufamni albuuda sookoo argamu naannicha bira darbuun guddina biyyaa keessattuu shoora guddaa taphachaa jira jedhanii; kuufamni dhagaa cilee Godina Kamaashiitti argamus faayidaa dinagdeef oolaa jiraachuu dubbataniiru.

Naannichi dhagoota gati jabeeyyii dabalatee albuudawwan garagaraa fuulduratti adda ba'an qabaachuus eeranii; qabeenya albuudaa jiru misoomsuurratti dargaggoota qabsoo hidhannoorraa gara nagaatti deebi'aniifi kanneen biroo hirmaachisuun fayyadamummaasaanii mirkaneessaa jiraachuu dubbataniiru.



Bakka buutotni Marii Biyyaalessaa Naannoo Sumaalee Ajandaa marii komishinichaaf dhiyeessan

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Bakka buutotni Naannoo Sumaalee ajandaa Marii Biyyaalessaaf ta'uu karaa bilchina qabuun tuuta tuutaan erga mari'atanii booda adda baasuun Onkoloolessa 13, 2017 Komishiinii Marii Biyyaalessaaf dhiyeessaniiru.

Odeeffannoon komishinicharraa argame akka mul'isutti, qindeessummaa Komishiinichaatiin waltajjiin marii ajandaa walitti qabuu Onkoloolessa 04-06tti giddugala Jijjigaa, Godeefi Doolloo Adootti gaggeeffamaa tureera.

Waltajjii marii kanarratti bakka bu'oonni hawaasaa kuma tokkoo ol giddugala Jijjigaatti, 650 ol Godeetti akkasumas bakka bu'oonni 350 ol immoo Doolloo Adootti kan hirmaatan yommuu ta'u, Waltajjiichi erga xumuramee booda

waltajjiin marii qooda fudhattoota sadarkaa naannootti Dilbata Onkoloolessa 10, 2017rraa eegalee adeemsiifamaa ture.

Bakka bu'oonni hawaasaa, bakka bu'oonni paartilee siyaasaa, bakka bu'oonni mootummaa naannichaa, bakka bu'oonni namoota dhiibbaa uumaniifi bakka bu'oonni dhaabbileefi waldaalee adda addaa 1,200 ol waltajjii marii kanarratti hirmaachaa turaniiru.

Onkoloolessa 10, 2017 irraa eegalee qooda fudhattoonni ajandaawwan ijoo barbaachisummaa naannoofi biyyaalessaa qaban mariidhaan adda baasuun qindeessuun Onkoloolessa 13/2017 komishinichaaf dhiyeessaniiru. Komishiinarri olaanaan komishinichaa Pirofeesar Masfin Aaraayaafi Komishinar Malaakuu Waldamaariyaam ajandaa naannichaa bakka bu'ootarraa fuudhaniiru.

Duulli sosochii galmeessa Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa (Faayidaa) iftaan Finfinneetti eegalama

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Duulli sosochii galmeessa Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa walta'iinsa (Faayidaa) Waajjira Ministira Muummeetti Waajjira Sagantaa Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaafi Ejensii Tajaajila Galmeessa Siiviliifi Jiraattummaa Magaalaa Finfinnee waliin ta'uun iftaan Finfinneetti eegalama. Galmeessi waraqaa eenyummaa dijitaalaa kun Finfinneetti yeroo gabaabaa keessatti kan xumuramu ta'uunis ibsameera.

Waraqaan eenyummaa dijitaalaa kun lammiileen tajaajila si'ataafi ammayyaa'aa akka argatan kan taasisu yoo ta'u, galmeessi kun dhalootarraa ka'ee hanga du'aatti taateewwan uumamaafi hawaasummaa galmeessuun seeraaf, bulchiinsaafi odeeffannoo istaatiiksiif madda ta'ee kan tajaajiluudha.

Taateewwan mudatan teknolojiidhaan galmeeffamanii namni kamuu tajaajila damicharraa argamu akka argatu taasisuurra darbee imaammataafi tarsiimoo mootummaan wixineessu odeeffannoo sirriirratti akka hundaa'u taasisuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uunis ibsameera.

Ejensiin Tajaajila Galmeessa Siiviliifi Jiraattummaa Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee riifoormii dhaabbattummaa adeemsiisaa jiru cinaatti jiraattonni tajaajila si'ataafi qaqqabamaa akka argatan taasisuuf sirna waraqaa eenyummaa dijitaalaa waliin



walitti hidhuuf Sagantaa Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa waliin hojjechuuf waliigaltee taasisera.

Sagantaan galmeessa waraqaa eenyummaa biyyaalessaa kun ejensicha, aanaaleefi kutaalee Magaalaa Finfinnee hundatti kan adeemsiifamu ta'uunis ibsameera. Jiraattonni magaalattiifi jiraattota hintaane bakka galmeessi itti adeemsiifamu hundatti galmaa'uu kan danda'an ta'uunis ibsameera.

Waraqaan Eenyummaa Biyyaalessaa kun hawaasni tajaajiloota si'ataafi ammayyaa'aa akka argatu taasisuurra darbee sochiin dinagdee fayyabuleessi akka jiraatu taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba jechuun Waajjirri Pirojektii Waraqaa Eenyummaa Biyyaalessaa odeeffannoo Bariisaaf ergeen eereera.



Raawwii hojii guyyoota 100 kan waggaa caalu

fuula **9**



“Buusaa Gonofaan Oromiyaa hojii gargaaramtummaa jalaa ba’uuf raawwatamaa jiruuf fakkeenya gaarii ta’a”

- Obbo Mogos Ida’ee



Godaansa gara Ardaa Odaa

fuula **11**

“Qabiinsa ragaalee Mana Murtii Olaanaa Federaalaa ammayyeessuuf teknolojii diijitaalaa hojiirra oolchaa jirra”

- Aadde Leellisee Dassaalany

fuula **10**

Ijoo Dubbii

Itoophiyaan Waancaa Afrikaa 2029 qopheessuuf ga'umsa qabdi

ALA Guraandhalli 8 bara 1957 seenaa kubbaa miilaa Afrikaa keessatti iddoo olaanaa qaba; guyyaa Sudaan, Itoophiyaan, Misiriifi Afrikaan Kibbaa qaama kubbaa miilaa arditti hogganu hundeessuuf Kaartuumitti mariif taa'an.

Mari'ataniis Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaa ('CAF') hundeessan. Lammii Misir, Abdulaaziiz Abdallaa Saaleem pirezidaantii jalqabaa konfedereeshinichaa taasisuun sagalee guutuudhaan filatan.

Biyyoonni afran konfedereeshinichaa hundeessan Waancaan Afrikaa ALA bara 1957 Sudaanitti akka adeemsifamu murteessan. Danbiwwan ittiin bulmaataafi dorgommii konfedereeshinichaa jalqabaa kan qopheessan nama ispoortii beekamaa, Obbo Yidnaqaachoo Tasammaati.

Dorgommiin jalqabaa Waancaa Afrikaa ALA Guraandhala 10 bara 1957 Sudaan Kaartuumitti adeemsifame. Dorgommicharratti Sudaan, Itoophiyaafi Misir qooda kan fudhatan yoo ta'u, Afrikaan Kibbaa sababa appaartaayidiitiin (loogii sanyummaatiin) otoo hinhirmaatiin hafteetti. Sababuma kanaan Itoophiyaan forfee 2-0n mo'achuun tapha xumuraatiif dabarte. Tapha garee biraatiin Misir Sudaan 2-1n mo'atte.

Guraandhala 16 bara 1957 (ALA) Misir Itoophiyaa 4-0n mo'attee waancaa jalqabaa fudhatte. Itoophiyaan Waancaa Afrikaa 2^{ffaa} bara 1959 Misiritti adeemsifamerrattis hirmaatteetti. Kanaan Itoophiyaan Misiriin 4-0n, Sudaaniin 1-0n mo'ante. Misir Sudaan mo'achuun walitti aansitee yeroo 2ffaaf waancaa kaafte.

Itoophiyaan Waancaa Afrikaa kan fudhatte tapha ALA bara 1962 yeroo jalqabaatiif biyyoota afur hirmaachisuun Itoophiyaatti adeemsifamerratti.

Itoophiyaan qopheessituu dorgommichaa waan taateef; Misir ammoo waan bara 1959 waancaa kaasteef kallattummaan taphichaaf yoo darban; Yugaandaafi Tuuniziyaa tapha gulaallii adeemsifachuun darban.

Leenjisaan garee biyyaaleessaa Itoophiyaa Obbo Yidnaqaachoo Tasammaa yoo ta'an; taphichi kan adeemsifame Istaadiyeemii Mootii Hayilasillaasee yeroo sanaa Istaadiyeemii Finfinnee ammaatti ture.

Itoophiyaan tapha walakkaa xumuraa Tuuniziyaa wajjin adeemsifatteen 4-2n mo'atte. Tapha xumuraatiin Itoophiyaan Misir 4-2n mo'achuun yeroo jalqabaatiif waancaa ardichaa fudhatte, Itoophiyaan dorgommii bara 1963fi bara 1965 Waancaa Afrikaa Gaanaafi Tuuniziyaa adeemsifamerrattis yeroo 4^{ffaa}fi 5^{ffaa} hirmaatteetti.

Tapha waancaa ardichaa bara 1968 adeemsifame kan qopheessite Itoophiyaadha. Itoophiyaan tapha waancichaa bara 1970 Sudaanitti adeemsifamerrattis hirmaatteetti. Waggaa jaha booda bara 1976 yeroo sadaffaaf taphicha keessummeessiteetti; yeroo 9^{ffaa} hirmaatteetti.

Itoophiyaan Waancaa Afrikaa 13^{ffaa} booda dorgommii kubbaa miilaa ardichaarratti hirmaachuuf waggoota 30 eeguuf dirqamte. Waggoota kanneen keessatti waancaan Afrikaa yeroo 15 adeemsifameera. Itoophiyaan Waancaa Afrikaa 29^{ffaa} bara 2013 Afrikaa Kibbaatti adeemsifamerratti waggoota 31 booda hirmaatteetti.

Itoophiyaan Waancaa Afrikaa yeroo 11 hirmaattee taphawwan 31 taasitee saddeet yoo mo'attu; 19 mo'anteetti. Yeroo afur ammoo walqixa baateetti.

Hundeessummaa kubbaa miilaa Afrikaatiin kan beekantu Itoophiyaan boodana hirmaannaanshii qabbanaa'aa dhufee gareen biyyaaleessaashii ramaddisaa keessaa darbuu danda'uu baatus tapha waancaa Afrikaa ALA bara 2029 qopheessuuf karaa ministira muummeeshii qaama dhimmi ilaallatuuf ifatti gaaffii dhiyeessiteetti.

Gaafficha yaa'ii 46^{ffaa} 'CAF' tibbaa Finfinneetti adeemsifamerratti kan dhiyeessan Ministirri Muumme Abiyi Ahmad (PhD) akka jedhanitti; Itoophiyaan tapha guddicha kubbaa miilaa ardii Afrikaa qopheessuuf ga'umsas humnas niqabdi.

Pirezidaantiin 'CAF' Paatriis Mutisepepe (PhD) konfedereeshinichi gaaffii Itoophiyaan tapha waancaa Afrikaa ALA 2029 qopheessuuf dhiyeessiteerratti koreesaa wajjin akka mari'atu eeran.

Kanaafuu; keessumaa bu'uuraalee misoomaa tapha waancichaatiif barbaachisan guutuuf kutannoo mootummaan agarsiiseefi muuxannoowwan gaggaarii misooma koridarii dabalatee pirojektota yeroo gabaabaa keessatti xumuruurratti argaman fayyadamuun boru otoo hintaane har'uma sochii eegalun daran murteessaadha.

Bu'uuraalee misoomaa dursanii xumuruufi guutuun akkuma jirutti ta'ee Itoophiyaan yoo carraa tapha waancichaa qopheessuuf argatte dirreeshiiratti dorgomtuu cimtuu taatee akka dhiyaatuuf ijaarsa garee biyyaaleessaarrattis ammumaa kaasee xiyyeeffannaan hojjetamuu qaba.

Yaada/Ajandaa

Tattaaffii hanqina bishaan dhugaatii magaalaa Yaa'abal'oo furuuf taasifamaa jiru

Biiron Bishaaniifi Inarjii Oromiyaa rakkoo bishaan dhugaatii Magaalaa Yaa'abal'oo furuuf xiyyeeffannoo olaanaa kennee hojjechaa jira.

Baay'inaa ummata magaalattii yeroodhaa gara yerootti dabalaa dhufeen hanqinni bishaan dhugaatii humnaa ol dabaleera jedhu Hojigaggeessaan Dhaabbata Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa Magaalaa Yaa'abal'oo Obbo Halakee Jaarsoo.

Yeroo dhaabbanni kun bara 1962 hundaa'etti baay'inni ummata magaalattii jiddugalaan kuma 15 hanga kuma 20 ture. Duraan aanaa jalatti mana qopheessaatiin bulaa kan turte Yaa'abal'oon ammaan tana magaalaa guddoo Godina Booranaa taatee ofdandeessee kantiibaan bulaa jirti.

Yeroo ammaa baay'inni ummatashii kuma 124 olitti tilmaamama. Dhaabbileen mitmootummaafi mootummaa yeroo bishaan dhugaatii magaalattii hojjetamu hinturre, amma dhaabbileen mootummaa kanneen akka Yunivarsitii Yaa'abal'oofi kolleejjiiwwan adda addaa kan mootummaafi dhuunfaa, hospitaalaafi dhaabbilee fayyaa dabalatee jaarmitaaleen garagaraa magaalattiitti argamu.

Baay'ina ummata magaalattii yeroo gara yerootti dabalaa dhufe faana pirojektiin bishaanii dabalame waan hinturreef hanqinni bishaanii bal'inaan mudateera.

Dhaabbatni Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa magaalattii sababa hanqinni bishaanii bal'aan jiruuf hawaasaaf tajaajila bishaanii gahaa kenna hinjiru. Ummanni bishaan torbanitti al tokko dabareedhaan akka argatu dirqame. Innumtuu wayita bonaa ummanni lafa tabbaarra jiraatu bishaan argachaa hinjiru.

Maamilli lakkoofuu bishaanii qabu kan ji'aafi waggaa guutuullee hinarganne jira. Kanaafuu gaaffiifi komii ummata bal'ootu jira.

Rakkoo kana furuuf mootummaan bara 2007 pirojektii bishaanii tokko eddoo Utaalloo jedhamutti qorachiisuun booli 4 qotamee bishaan gahaan argamullee sababoota adda addaatiin bishaan bahe kana omishuun ummata qaqqabsiisuu hindandeenye.

Ummanni bishaan baheeffitti gammadee abdiin eeggachaa turus osoo irraa hinfayyadamiin har'a erga waggoota 10 lakkoofsisee booda bara 2017 kanatti furmaata argachuuf deema jira.

Sababa magaalattiin bishaan gahaa hinqabneef investimantii gahaa hawwachuu dadhabuun guddinisheellee quucaruu Obbo Halakeen nidubbatu. Gaafa rakkoon kun furame guddinni magaalattiis saffisuu akka danda'u abdi qaban ibsanii.

Kallattii Mootummaan Naannoo Oromiyaa pirojektota buleeyyii akka kana jiran xumursiisuuf kaa'e bu'uura godhachuun Biiron Bishaaniifi Inarjii Oromiyaa Pirojektii Bishaan Dhugaatii Magaalaa Yaa'abal'oo dabalatee kanneen biroo xumursiisuuf xiyyeeffannoo olaanaa kennee hojjechaa jira.


Pirojekticha xumursiisuunis hojiitti galchuuf Korporeeshinii Ijaarsaa Oromiyaa ('OCC')fi dhaabbata tajaajila gorsaa,



Magaalaa Yaa'abal'oo



Obbo Halakee Jaarsoo



Injiinar Jaarraa Mul'ataa

Korporeeshinii Injiniingii Oromiyaa ('ECO') waliin walharkaa fuudhinsa gaggeessuuf haaldureen xumuramaa jira.

Biiron Bishaaniifi Inarjii Oromiyaatti Injiinara Pirojektii Bishaan Dhugaatii Magaalaa Yaa'abal'oo ta'uun yeroo ammaa hojjechaa kan jiran Injiinar Jaarraa Mul'ataa rakkoo bishaan dhugaatii magaalattii furuuf yeroowwan adda addaa yaaliin gaggeeffamaa turus sababoota adda addaatiin hanga yonaatti turuu ibsan.

Baasiin pirojektii kana xumursiisuuf gaafatus guddaa waan tureef hanga bajanni kun argamutti harkifachaa turuu yaadachiisuun, yeroo ammaa xiyyeeffannaafi murtee guddaa biirichi fudhateen rakkoon kun akka furamuuf hojiitti galeera jedhan.

Yeroo ammaa dhaabbata ijaarsaafi gorsaa hojiitti galchuuf hojiilee teknikii dabalatee haaldureewwan xumuramuu qaban xumuruuf gareesaniis waliin gasatti bobba'anii hojjechaa jiru.

Boolliwwan bishaanii afur qotamee sakondii tokkotti bishaan liitira 114 waan kennuuf yemmuu xumuramutti rakkoo bishaan dhugaatii magaalattii guutummaatti nihiika jedhan. Pirojektiin kun waggoota 40f tajaajila akka kennu danda'utti qoratamuusaas ifoomsan jechuun Biiron Bishaaniifi Inarjii Oromiyaa odeeffannoon Bariisaaf ergeen eereera.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'ee.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

KEESSUMMAA BARIISAA

“Buusaa Gonofaan Oromiyaa hojii gargaaramtummaa jalaa ba’uuf raawwatamaa jiruuf fakkeenya gaarii ta’a”

- Obbo Mogos Ida’ee

Natsaannat Taaddasaatiin

Keessummaan Bariisaa maxxansa kanaa Hogganaa Buusaa Gonofaa Oromiyaa Obbo Mogos Ida’ee Odaati. Hojiilee guguddoo Buusaa Gonofaan Oromiyaa raawwachaa tureefi jirurratti gaafdeebiin Obbo Mogos waliin taasifne akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Bariisaa: Hojiilee guguddoo Buusaa Gonofaan Oromiyaa erga hundaa’ee as raawwateefi raawwachaa jiru akkamitti ibsama?

Obbo Mogos: Buusaan Gonofaa Oromiyaa utuu hinhundaa’in dura ummata keenya rakkoo uumamaafi namtolcheen saaxilameef falli kennamaa kan ture gargaarsa biyyoota gara garaarraa argamuuni.

Haala qabatamaa amma jiruun biyyoonni addunyaa hedduun rakkoo nageenyaafi uumamaaf waan saaxilamaniif akka kanaan duraatti gargaarsa taasisaa hinjiran. Sababuma kanaan Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojii misoomaa hojjetu cinaatti yaada haaraa haala kamiin rakkoo ummata keenyaa hiikuu dandeenya jedhu maddisiisuun aadaa walgargaarsa Oromoo ilaaluu jalqabe.

Ummanni keenya yeroo rakkoon uumamaafi namtolchee isa quunnamu akaakuu rakkinichaarratti hundaa’uun aadaa walgargaarsaa cimaa qaba. Ummanni Oromoo qabeenya qaburraa kan hinqabneef qooduurra darbee hanga ilmoo waliif kennuutti aadaa walgargaarsaa cimaa qaba.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa rakkoo ummata keenya mudatu hiikuufharka namaa ilaaluurra rakkoo keenya ofuma keenyaan furachuuf aadaa walgargaarsa keenya ganamaatti deebi’uu qabna jechuun Buusaa Gonofaa Oromiyaa akka hundaa’u taasise. Kanarraa ka’uun maqaan Komishinii Hoggansa Sodaa Balaa Oromiyaa jedhu ‘Buusaa Gonofaa Oromiyaa’ jedhamee akka moggaafamu ta’e.

Buusaa Gonofaa jechuun ummanni waan qabu walitti buusee kan hinqabne gonofuu ykn deebisee dhaabuudha. Buusaa Gonofaan Oromiyaa sektara bara 2014 Caffee Oromiyaatiin labsiidhaan hundaa’eedha. Sektarichi qabeenyaafi fandiiwwan adda adda walitti qabuuf miseensa horachuu akka qabu labsichaan tunameera.

Maddi galii sektarichaa mootummaan hanga danda’uun gargaarus ummata gurmeessuun miseensa horatee qabeenya walitti qabuudha. Qabeenya walitti qabu qofa utuu hintaane aadaan walgargaarsaa akka cimuufti ummanni bakkuma jirutti akka walgargaaruufis ni dadammaqsa.

Aadaan kennuu, qusachuu, walgargaaruu ummata keenyaa caalaatti akka cimuufti aadaa hojii keenyarrattis jijjiiramni akka dhufu taasisuun kaayyoowwan guguddoo manni hojichaa hundaa’eef keessaa isaan ijoodha.

Buusaa Gonofaan Oromiyaa mana hojii mootummaa ta’ee ummata naannichaa gargaaruurra darbee ummata naannolee biroos gargaaruudhaan sadarkaa addunyaatti beekamtii argachuuf sektara hojjechaa jiruudha.

Buusaa Gonofaan gargaarsa kennuu qofa utuu hintaane barattoota naannoo Oromiyaa oolmaa daa’immanii hanga kutaa 8ffaatti jiraniif sagantaa nyaata barattootaatiin cireefi laaqana dhiyeessaa jira

Sektarichi hojiilee waggoota lamaan darbanitti raawwateen ummata miliyoona 30 ol Buusaa Gonofaarratti hubannoo akka argatu taasiseera. Barana namoota kanaan dura hubannoo argataniifi haaraa dabalatee miliyoona 30 bira ga’uuf karoofannee hojjetamaa jirra.

Ummanni Buusaa Gonofaarratti hubannoo akka qabaatu taasisuu qofa utuu hintaane kanneen kaayyoo mana hojichaa hubatan miseensa akka ta’aniif gaaffiin ni dhiyaataaf. Buusaa Gonofaan waggoota lamaan darbanitti miseensota miliyoona 24.4 kan horate yoo ta’u, barana ammoo baay’ina miseensotaa gara miliyoona 30tti guddisuuf karoofannee hojjechaa jirra.

Bariisaa: Buusaa Gonofaan haala kamiin miseensotarraa gumaata walitti qaba? Barana qabeenya hangam ta’u walitti qabuuf karoofatee hojjechaa jira?

Obbo Mogos: Buusaa Gonofaan miseensotaafi qaamolee gara garaa miseensa hintaanerra gumaata walitti ni qaba. Barana gumaata biliyoona ja’a ta’u walitti qabuuf karoofannee hojjechaa jirra. Gamoowwan gara garaa galii argamsiisanis ni qabna.

Buusaa Gonofaan gargaarsa kennuu qofa utuu hintaane barattoota naannoo Oromiyaa oolmaa daa’immanii hanga kutaa 8ffaatti jiraniif sagantaa nyaata barattootaatiin cireefi laaqana dhiyeessaa jira.

Sagantaan nyaata barattoota kun barattoonni barnootasaaniitti akka cimaniifi hanqina nyaataa isaan mudatu furuu keessatti gumaacha olaanaa taasisaa jira.



Suurri: Iyyoob Tufuritiin

Bara darbe sagantaa nyaata barattootaaf qarshiin biliyoona saddeet baasii ta’eera.

Buusaa Gonofaan sagantaa nyaata barattootaaf bara darbe biliyoona saddeet dhiyeesseera. Barana ammoo qarshii biliyoona 15tti shallagamu walitti qabuun akkasumas lafa qonnee midhaanota gara garaa omishuudhaan nyaata barattoota dhiyeessuuf hojjechaa jirra.

Sagantaa kanaan barattootaafi barsiisota miliyoona 9.4 tajaajiluuf hojjechaa jirra. Sagantaa kana milkeessuurratti ummanni keenya ni hirmaata, galiwwan gara garaas ni maddisiifna. Kana malees barana manneen barnootaatiif lafa hektaara kuma lamaafi 600 ta’u qotuufi lukkuu horsiisuudhaan buuphaa omishnee manneen barnootaati nyaata barattoota dhiyeessaa jirra.

Buusaa Gonofaan galiisaa caalaatti maddisiisuudhaan gargaaramtummaa keessaa bahee gara omishtummaatti ce’uuf marii babal’aa taasiseera. Ummata hojjetu, lafa omisha kennuufi qabeenya bishaanii gahaa waan qabnuuf kadhaa jalaa baanee ofdanda’uu qabna jennee hojjechaa jirra.

Kana jechuun namni gargaaramuu qabu hinjiru jechuu miti. Namoonni sababa umuriitiin hojjechuu hindandeenye, kanneen miidhamoo qaamaa ta’aniifi balaawwan gara garaatiin miidhaman gargaaramuu qabu. Namni hojjechuu danda’u garuu ittifufiinsa gargaaramuu hinqabu. Kanneen gargaaramuu qaban qofa adda baafnee gargaaruu qabna.

Kan gargaaramuu hinqabne omisha keessa galee of danda’ee jiraachuu qaba. Buusaa Gonofaan dhimma ofdanda’uu, gargaarsa jalaa ba’uufi harka namaa eeggachuu jalaa ba’uurratti ummata miliyoona ja’aa ol bira gahee mariisiseera.

Naannoo Oromiyaa bakkawwan hundatti

yaada gargaarsi nu hinbaasu, hojjennee of danda’uu qabna jedhurratti waliigalameera. Misooma qonnaatiin hundumtuu bakka jirutti akka of danda’uuf sagantaan bahee hojiirra oolaa jira. Hojiin namoota gargaaramuu qaban calaluufi dhimma kanarratti hubannoo gabbisuus bal’inaan kenneera.

Buusaa Gonofaan bara omishaa 2016/17 lafa heektaara kuma 43fi 581 qotuun omisha lafa kanarraa argamuun namoota balaa uumamaafi namtolchee gara garaaf saaxilaman gargaaruuf hojjechaa jira. Sektarichi barana qonnaan buloota kakaasuudhaan midhaan kuntaala miliyoona tokkoo ol walitti qabuuf karoofatee hojjetaa jira.

Midhaan walitti qabamu gargaarsaaf kan oolu ta’uurra darbee mootummaa federaalaaf gurgurtaan dhiyeessuuf hojjechaa jira. Godinaalee Oromiyaa hundatti mankuusawwan sadarkaasaanii eeggate qabaachuuf hojjechaa jirra. Karaa Biiroo Qonnaa Oromiyaatiin inisheetiivonni gara garaa namoonni ofdanda’anii akka jiraatan taasisanis hojiirra oolaa jiru.

Buusaa Gonofaan miseensa horachuu, miseensotarraa gumaata walitti qabu, barataa nyaachisuufi midhaan ofeeggannoof gargaaru omishuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Bara darbe gargaarsi biyya alarra argama hanqachuusaatiin qarshii walitti qabamuun midhaan bituudhaan lammiilee sababa rakkoo nageenyaatiin buqqa’aniifi balaa uumamaatiif saaxilaman gargaaraa turreerra.

Naannolee balaa gara garaaf saaxilamanis gargaaruuf yaalleerra. Buusaa Gonofaan Oromiyaa lammiilee dhiyeenya Naannoo Itoophiyaa Kibbaa, Godina Goofaatti balaa sigiga lafaatiin miidhamaniif deeggarsa

Gara fuula 7tti

KEESSUMMAA BARIISAA

“Buusaa Gonofaan Oromiyaa hojii gargaaramtummaa...”

midhaan kuntaala kuma 10 taasiseera.

Naannolee Amaaraa, Tigraay, Affaariifi Somaaleefis yeroowwan gara garaatti deeggarsa taasiseera. Baranas qabeenya guddaa walittiqabuufi hojii bal’aa raawwachuuf karoofatee hojjechaa jira.

Bariisaa: Buusaa Gonofaan Oromiyaa haala kamiin miseensotaafi dhaabbilee gara garaa irraa gumaata walittiqaba?

Obbo Mogos: Buusaa Gonofaan Oromiyaa miseensotasaa miliyoona 24.4 ture raawwii hojii kurmaana tokkoffaa kanaan gara miliyoona 25.5tti guddiseera. Miseensonni keenya akkaataa amala hojiiisaaniitiin gumaata taasisaa jiru. Hogganaafi hojjetaan mootummaa naannichaa sadarkaa sadarkaan jiru ji’a ji’aan mindasaarraa dhibbantaa meeqa kaffaluu akka qabu seeraan tumameera.

Qonnaan bultoonni keenyas qonnaan bulaa adda duree, giddugaleessaafi gadaanaa jedhamanii bakka sadiitti qoodamuudhaan akkaataa humna isaaniitti gumaata akka taasisaniif seeraan tumameera. Daldaltoonniifi abbootiin qabeenyaas akkasuma akka dandeettiisaaniitti gumaata akka taasisaniif seeraan tumameera.

Qonnaan bulaan gumaata waggaa tokkoo yeroo omisha galfatu kaffala. Aanaaleefi godinaaleen waan walittiqaban keessaa %10 of biratti hambisanii kan hafe gara naannootti ergu. Gumaatni aanaaleefi godinaaleerraa gara naannootti dhufu ammoo aanaaleefi godinaalee balaa namtolcheefi uumamaaf saaxilaman gargaaruuf oola.

Qabeenya walittiqabamu keessaa irrareessisaa nyaata barattootaatiif oolaa jira. Barana buusii miseensaa qofarraa qarshii biliyoona ja’a walittiqabuuf karoofamee hojjetamaa jira. Gumaata barana walittiqabamu keessaa qarshii biliyoona 15 kan ta’u nyaata barataatiif oola. Miseensa Buusaa Gonofaa kan ta’ee, kan hintaanee midhaan, qarshii, beelladoota, meeshaafi waan qabanirra gumaata taasisuudhaan dhaabbatichaa bira dhaabbachaa jiru. Qabeenyi kun nagaheedhaan walittiqabama. Qabeenya walittiqabamurratti kan murteessu ammoo gaaddisa.

Buusaa Gonofaan Oromiyaa yaa’ii qaba. Yaa’ii jalatti ammoo gaaddisa qaba. Hojii guyyaa guyyaa dhaabbatichaa kan hordofuufi kallattii hojii kaa’u gaaddisa. Qabeenyi walittiqabame murtee gaaddisaatiin hojjiirra oola.

Buusaa Gonofaan gara fuulduraatti miseensotarraa galii walittiqabuu qofa utuu hintaane galii maddisiisuurrattis xiyyeeffatee hojjetaa jira. Qarshii walittiqabamuunis hojiilee misoomaa gara garaa hojjechuun galiisaa guddisaa deemuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Bariisaa: Buusaa Gonofaan Oromiyaa aadaafi dhuudhaa walgargaarsa Oromoo ganamaa eegee hojjechuurratti maal fakkaata?

Obbo Mogos: Ka’umsi keenya aadaa walgargaarsa Oromoo ganamaa deebisuudha. Dhaabbilee siyaasaas ta’ee dhaabbileen misoomaa waggaa lama keessatti miseensa miliyoona 25 horatan hinjiran. Kun ummanni Oromoo aadaa walgargaarsasaa ganamaatti deebi’uuf

fedhii guddaa qabaachuusaa agarsiisa.

Ummanni Oromoo miseensa Buusaa Gonofaa taanee ijaaramnee walgargaaruu qabna jechuun qabeenya guddaa buusaa jira. Buusaan Gonofaa Oromiyaa yeroo ammaa ofeeggannoof midhaan kuntaala kuma 100 ta’uufi qarshii biliyoona sadiitti hiiqu kuufate qaba.

Bariisaa: Buusaa Gonofaan Oromiyaa wayita balaan uumamaafi namtolchee mudatutti lammiilee miidhaman gargaaruu qofa utuu hintaane balaa dursanii ittisuufi odeeffannoo kennuufi akeekkachiisuurratti maal hojjechaa jira?

Obbo Mogos: Manni hojii kun erga balaan mudatee booda gargaarsa kennuu qofa utuu hintaane balaa dursanii ittisu, dursanii odeeffannoo kennuufi akeekkachiisuurrattis hojjechaa jira.

Buusaa Gonofaan Oromiyaa damee ummata kakaasuufi miseensa horachuun galii cimsu, damee qabeenya walittiqabamu seeraan bulchuufi damee soda balaa ofjalatti qaba. Dameen sodaa balaa kun kan rakkateef deeggarsa kennuu qofa utuu hintaane rakkoo dursanii qolachuufi yoo rakkoon uumame ammoo ummanni maal gochuu akka qaburratti hojjeta.

Buusaa Gonofaan Oromiyaa dhaabbilee gara garaa waliin qindoominaan hojjechaa jira. Inistiitiyuutii Meetiworoloojii Biyyaalessaa Itoophiyaa waliinis ni hojjeta. Dhaabbanni kun rakkoo dhufuu malu teknoloojii fayyadamuun dursee yeroo yeroon odeeffannoo kennaa jira.

Buusaa Gonofaan Oromiyaa odeeffannoo inistiiyuuticharraa fudhachuudhaan ummanni ofeeggannoo barbaachisu akka taasisu hubannoo uuma. Fakkeenyaaf ganna darbe waan bokkaan ittifufiinsa roobaa tureef sigigni lafaa daran hammaatee ture.

Bakka rakkoon kun uumamuu malutti ummanni dursee ofeeggannoo barbaachisu akka taasisu, bakka balaan itti hammaachuu malurraa ka’ee iddoo biraa akka qubatu taasisuun hojii ofeeggannoo duraa raawwatamee lubbuu lammiilee hedduu baraaruun danda’ameera.

Waan bokkaan hir’achaa deemuuf ummanni marga nyaata beelladaaf ganna darbe facaafate akka tursiifatuufi bishaanis kuufatuuf hojii bal’aan hojjetamaa jira. Ummanni rakkoo uumamuu maluuf dursee ofeeggannoo barbaachisu akka taasisuuf hojii bal’aan raawwatamaa jira.

Buusaa Gonofaan Oromiyaa siistama gandarraa kaasee odeeffannoo ittiin argatuufi odeeffannoo gadibuusun qaba. Siistamicha fayyadamee ummata waliin odeeffannoo waljijjiirraa jira.

Bariisaa: Buusaa Gonofaan Oromiyaa sektaroota kamfaa waliin qindoominaan hojjechaa jira?

Obbo Mogos: Yaa’iin Buusaa Gonofaa Oromiyaa Pirezidaantii ykn Pirezdaantii Ittaanaa Oromiyaatiin walittiqabama. Yaa’icha jalatti hojii dhaabbatichaa kan geggeessu gaaddisni jira.

Biiroleen Qonnaa, Barnootaa, Fayyaa, Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa, Hojjetaafi Dhimma Hawaasummaafi Dubartootaafi Daa’immanii miseensa gaaddisaa ta’anii Buusaa Gonofaa

Oromiyaa waliin qindoominaan hojjechaa jiru. Sektaroonni kunneen karooraafi gabaasa Buusaa Gonofaa qorachuun rakkooolee mudatan furuurratti qindoominaan hojjechaa jiru.

Gaaddisaa gaditti ogeessonni mana hojii keenyaas miseensa gaaddisaa ta’anii yeroo yeroon walarganii waliin hojjechaa jiru. Buusaa Gonofaan Oromiyaa qofaasaa rakkoo mudatu hiikuu waan hindandeenyeef hojii sektaroonni qindoominaan hojjechaa jiran kun cimee ittifufuu qaba. Qabeenyawwan gara garaa dabalataan argachuufis sektaroota kunneen waliin hojjechuun murteessaadha.

Bariisaa: Buusaa Gonofaan Oromiyaa hojiilee irraa eegaman guutummaatti akka hinraawwanneef wantoonni akka hudhaatti ka’an yoo jiraatan?

Obbo Mogos: Hubannoo ummatni Buusaa Gonofaarratti qabu gabbisuun hojii yeroo tokkotti raawwatamee bira darbamuu waan hintaaneef hojiiin hubannoo gabbisuun ittifufiinsa raawwatamuu qaba.

Manni hojii kun ergama guddaa qaba; qabeenya guddaas walittiqaba waan ta’ee teknoloojiiidhaan deeggaramuu qaba. Baay’inni miseensa keenya yeroo ammaa gara miliyoona 30tti deema jira.

Waa’ee miseensa kanaa guyyaa guyyaan beekuufi hordofuu akkasumas qabeenya mana hojii kanaan walitti qabamu beekuufi hordofuuf teknoloojiiin deeggaramuu qaba. Daataa keenya teknoloojii fayyadamuun ammayyeessuunis hojii xiyyeeffannaan irratti hojjechuu qabuudha. Humna namaa ga’oomes ta’ee teknoloojiiin walbeeku qabaachuunis daran barbaachisaadha.

Lojistiksiiwwan gara garaa guuttachuunis barbaachisaadha. Manni hojii keenya waan guyyaa guyyaan bal’aa raawwachaa jiruuf lojistiksiiwwan sadarkaa sadarkaan barbaachisan mankuusa, konkolaataafi kkf guuttachuurratti xiyyeeffannaan hojjechuu qabna.

Barana Mootummaan Naannoo Oromiyaa caasaa mootummaa hanga gandaatti gadibuuseera. Hoggansi aanaas sadarkaa gandaatti mudamee hojii keessa galeera. Achi keessaa dameen dinagdee hojii Buusaa Gonofaa dabalataan hojjeta. Hojiiin keenya kanaan dura aanaarratti rarra’ee ture yeroo ammaa sadarkaa gandaatti gadibu’eera. Kun kan bara darbeerra hojii caalu akka hojjennuuf haala gaarii nuu uumeera.

Qabeenya guddaa ummatarraa walittiqabnu seeraan kaa’uufi dhimma barbaadamuuf ittifayyadamuu qabna. Kanaafuu qabeenyi nagahee malee walittiqabamuu hinqabu. Ummanni keenyas kana beekuu qaba. Yaa’ii waggaa altokko sadarkaa naannootti, al lama sadarkaa godinaatti, alsadii sadarkaa gandaatti adeemsifamurratti gabaasni hojii ummataaf ni dhiyaata. Kun iftoominni akka jiraatu taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Buusaa Gonofaan Oromiyaa rakkoo sababa balaa uumamaafi namtolcheetiin ummata naannichaa mudatu utuu harka namaa hineegin furuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Dhaabbatichi naannoo Oromiyaa qofa utuu hintaane naannolee biroo biras dhaabbachuun gargaaruurratti argama.

Bariisaa: Naannoleen biyyattii biroon

Buusaa Gonofaa Oromiyarraa maal baratu ykn muuxannoo akkamii gooddachuu danda’u?

Obbo Mogos: Dhimmi gargaaramtummaa keessaa ba’uu akkuma biyyaattuu xiyyeeffanna guddaadhaan irratti hojjetamaa jira. Buusaa Gonofaan Oromiyaa hojii gargaaramtummaa jalaa ba’uuf raawwatamaa jiruuf fakkeenya gaarii ta’a.

Naannoleen biyyattii biroon dhufanii Buusaa Gonofaa Oromiyarraa muuxannoo fudhachaa jiru. Naannoleen Buusaa Gonofaa hundeesuuf jalqabiirra jiranis jiru. Naannoleen kaan ammoo maallaqa walittiqabachaafi seera tumachaa jiru.

Mootummaan federaalaas muuxannoo Buusaa Gonofaa kana hojjiirra oolchaa jira. Baay’inni dhaabbileen deeggartootaa kanaan dura gargaarsa kennuuf duubatti harkifatan tattaaffii Buusaa Gonofaan Oromiyaa taasisaa jiru ilaalanii bira dhaabbachuuf fedhii agarsiisan dabalaa jira. Buusaa Gonofaan sadarkaa biyyaarra darbee biyyoota addunyaa biroofillee muuxannoo gaarii qoodaa jira.

Dhaabbanni kun kana caalaa cimee hojjechuun hanga ‘Oro Aid’ ijaarutti deemu danda’a. Dhaabbanni kun mana hojii mootummaa jalaa ba’ee qofaatti of danda’ee ummata keenya rakkoo keessaa baasuuf hojjetamaa jira.

Bariisaa: Dhumarratti dhaamsa ykn ergaa dabalataa yoo qabaattan?

Obbo Mogos: Naannoon Oromiyaa qabeenya guddaa, humna namaa gahaa, lafaafi lageen hedduu waan qabuuf ummanni keenya xiiqiidhaan hojjetee jijjiirama fiduu qaba. Utuu qabeenyawwan kunneen qabnuu kadhachuufi gargaarsaaf qaama biraa eeggachuun qaaniidha.

Ummanni keenya harka namaa eeguurrara gara ofdanda’uutti ce’uu qaba. Kana gochuuf ammoo omishatti galuun dirqama ta’a. Ofii qofa guddatanii ollaan ofii rakkatee waliin jiraachuun waan hindanda’amneef harkaqaal’eessa keenyas rakkoo keessaa baasuu qabna.

Aadaa walgargaaruu, walcina dhaabbachuuf walceessuu keenyaas daran cimsuu qabna. Harkaqaal’eessa keenya deeggarree gara omishtummaatti ceessuufi hojjetee akka of jijjiiru taasisuu qabna. Kanarratti ummanni keenya waliigaluu qaba. Hojiiin kun haala bittinnaa’een osoo hintaane karaa ijaarameen hojjechuu gaafata.

Ijaarsi amma qabnu ammoo Buusaa Gonofaa Oromiyaati. Ummanni keenya miseensa Buusaa Gonofaa ta’uun qabeenya, humnaafi qabeenya qabuun yoo dhaabbatichaa deeggare, innis qabeenya miseensotarraa walittiqabeen deebi’ee harkaqaal’eessa keenya ittiin gargaara.

Nyaata barattootaa dhiyeessuun deeggarsa Buusaa Gonofaan taasisaa jiru keessaa isa tokko. Deeggarsi kun hanqina nyaata barattootaa guutuurrara darbee fayyummaasaniis eegsisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Ummanni keenyas kaayyoo Buusaa Gonofaan Oromiyaa hundaa’eef hubachuun maddisaa dhaabbachuu qaba. Caasaaleen mootummaa sadarkaan jiranis tumsa taasisaniif cimsanii ittifufuu qaba.

Qarreefi Qeerroo

“Biyyoota Afrikaa magaalotasaanii midhaagsanii misoomsuu barbaadaniif fakkeenyi Finfinneedha”

- Dargaggoota Afrikaa

Bayyanaa Ibraahimiin

Bulchiinsi magaalaa Finfinnee misooma koriidarii marsaa lammaffaa, iddoowwan seensa magaalattii ta'aniifi bu'uraaleen misooma reefu keessatti babal'ataa jiran kanneen akka addababa'ii Koyyee, Goroofi Sammiit jedhamanitti hojjechuudhaan kutannoo magaalattii giddugala turizimii Afrikaa taasisuuf qabate qabatamaan hojitti hiikaa jira.

Misoomni koriidarii marsaa lammataa kun kiilomeetira 43 kan dheeratuufi misooma magaalaa Shaggar faana walitti hidhamiinsa akka qabaatutti kan hojjatamu yemmuu ta'u, kunis magaalotni guddoon daangaa dheeraa waliin qaban kunniin gama misooma turizimiinis qindoomanii akka hojjatan kan dandeessisuudha.

Bulchiinsi magaalaa Finfinnee maqaa "Misooma koriidarii" jedhuun daandiiwwan guddoo magaalattii haareessuufi babbareechuu, daandii lafoo babal'isuu, iddoowwan boqonnaa babal'isuufi ibsaawwan daandiiirraa akkasumas sararoota teelee fi ibsa haala ammayyaatiin diriifamaa jiruun magaalattiin jijjiirama keessa galteetti.

Iddoowwan tanaan dura balfi itti gatamaa turan har'a misoomanii iddoo bareedaafi aara galfii keessummootaafi namoota magaalattii daawwatani ta'aa jira. Misoomni koriidarii marsaan jalqabaa iddoowwan bebbeekamoo magaalattiirraa eegalee kallattiiwwan shaniin kan ittifufe yoo ta'u, iddoowwan misooma koriidarii marsaa jalqabaatiin misooman kunniinis; Birbisa Goroofi (Piyaassaa), Daalattii (Araa Kiiloo), Boolee, Magganaanyaa, Caffee Aannanii (Meksikoo) fi 'CMC' dha.

Wayita misoomni koriidarii Birbisa Goroofi hojjetamu namoonni kuma 11 ta'an qe'eesaanii moofaafi bu'uraalee misoomaa sadarkaa magaalattii hingitneen miidhamaa turan sababa misoomaa kanaan iddoo sanaa ka'anii bakka haalli jireenyaa mijataa ta'e qabu akka qabatan taasifamanii turan.

Misooma koriidarii marsaa jalqabaa kiilomeetira 42 haguugu hojjachuun kan danda'ame yemmuu ta'u, hojii babal'inaafi midhaagina daandii kanaaf immoo qarshii biliyoona 33 baasuu bulchiinsi magaalaa Finfinnee ibsee ture.

Bulchiinsichi sagantaa misooma koriidarii marsaa jalqabaan giddugaleessa magaalattiiratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, amma ammoo iddoowwan seensa magaalattii jedhamaniifi babal'inarratti argamanitti misooma koriidarii marsaa lammataa eegaluun kan jalqaba hojjetame waliin walitti hidhuuf kan gargaaruudha.

Sagantaa misooma koriidarii marsaa lammataa iddoowwan misooman waliigalaan kiilomeetira 43 ta'u kan uwwisan yemmuu ta'an, kunis kutaalee magaalaa Boolee, Lammii Kuraafi Aqaaqii Qaallittii akka dabalatu ragaan Biiroo Pilaaniifi Misooma Magaalattii ni mul'isa.

Misoomni marsaa lammataa kun sararoota shaniratti kan hojjetamu yoo ta'u, kanneen keessaa dheerina guddaa kan qabu toora "Anbassaa Gaaraaj- Maabraat Hayil-Goroofi-Boolee" qabate kan deemuudha. Kunis dheerina daandii kiilomeetira 14.8 kan



uwwisuudha.

Booleerraa ka'ee karaa Bulbulaa gara addababa'ii Koyyeetti kan fulla'u ammoo bal'inaan lammaffaa yemmuu ta'u, dheerinnisaa kiilomeetira 12.8 ta'a.

Qaama misooma koriidarii marsaa lammataa kan ta'e keessaa kan biraan isa balbala guddaa seensa buufata xiyyaaraa Boolee/Riqicha Boolee/ irraa ka'ee karaa "Boolee Hoomsi" seensa 'VIP' daandii xiyyaaraa irraan darbuun hanga Gorootti fulla'uudha.

"Addababa'ii Goroofi" irraa kan ka'u ammoo sarara afraffaadha. Dheerinni isaas kiilomeetira shan akka ta'e qorannoon ni mul'isa.

Toorri kun "Addababa'ii Goroofi" irraan karaa naannawa "Sabaa Hulet" irra darbee Warshaa Lallaafaa Peepsii Sammiit keessa qaxxaamuree hanga naannawa "Fiyyal Bet" fi "CMC" kan uwwisuudha. "Fiyyal Betirraa Fiigaa-Addababa'ii Sahaaliita Mihrat- Jaakroos" kan ga'u sarari shanaffaan ammoo kiilomeetira 5.9 dheerata.

Iddoowwan daangaa bulchiinsa magaalaa Finfinneerratti argaman kan of keessatti hammate misoomni koriidarii marsaan lammataa kun, misooma magaalaa Shaggar kan amma hojjetamaa jiru waliin walitti hidhuun kan hojjetamu ta'uu qorannoon gaggeeffame ni mul'isa.

Magaalaan Shaggaris baatii Waxabajjii darbe "Koridariiwwan misoomaa sagal" adda baasuudhaan gara hojiitti seenuuf qophiiratti akka argamu beeksisee ture.

Sanadni qorannoo Biiroo Misoomaafi Pilaanii Magaalaa Finfinnee qopheesse kunis, hojiiwwan misooma koriidarii naannawa daangaa bulchiinsaa Finfinneefi Shaggariitti argaman akka waloon misoomaniif hojjetamaa jira. Kanaafis dizaayiniin walfakkaatu qophaa'eera.

Misoomni koriidarii naannoolee marsaa lammaffaa keessatti hammataman kan akka marsaa jalqabaatti karoora daandii imala miilaa bal'isuu qaba. Naannooleen fuullee daandii aspaaltii guddaa biratti argaman akka bal'ina meetira 10 akka qabaatan yaadamuu qorannichi kaa'eera.

Isa keessaayis meetirri shan kan imala miilaatiif kan oolu yoo ta'u, sarari saayikiilii ammoo bal'ina meetira sadii qabaata. Meetirri hafan lamaan qarqara aspaaltii ammoo bakka misooma magariisaa akka ta'u qorannichi kaa'eera.

Misoomni koriidarii sararawwan shaniin ijaaramu kunis akkuma iddoowwan kaanii bakka taaskiiwwan dhaabatan, bakkawwan qulqullinaafi bashannannaa akkasumas paarkiiwwan sadarkaa magaalaa, kutaa magaalaa aanaatti ijaaraman kan hammatu ta'a.

Ijaarsi maneen jireenyaatis qaama karoorchaa akka ta'e kan ibse qoranichi, naannawa "Boolee Hoomsi, Anbassaa Gaaraajii- 'ICT paarkiiiti" argamaniitti iddoon itti qubatamu (relocation site) ni jiraata.

Dhimma iddoowwan sababii misooma koriidarichaa guutummaatti kaafaman irratti murteen akka kennamu kanneen tarreeffaman keessaay.

Ijaarsi duraan turan haalli misooma keessatti hammataman uumamuu kan qabaatu yemmuu ta'u, gamoowwan sararawwan misoomni koriidaricharratti hojjatamurratti argaman filmaatawwan lama qabu.

Filmaanni akaakuu kanaa kan gamoowwan misooma koriidarii boqonnaa jalqabaarratti argaman irratti hojjiirra kan oolfame yoo ta'u, gamoowwanis darbii lafaa gara fuulduraatiin diiguudhaan imala miilaatiif banaa godhaniiru.

Filmaanni gamoowwan darbii lamaa gadiif kaa'ame ammoo haaluma qorannootiin misooma keessatti hammachuu kan jedhudha.

Finfinneen haala kanaan miidhagdee magaalota Afrikaa daandiiwwan babbareedoofi mijataa qaban, iddoowwan aara galfiifi boqonnaa mijataa qaban, akkasumas paarkiiwwan keessoo magaalatti miira bosona keessaa namatti horan qabaachuun sadarkoota jalqabaa keessa galuu dandeesseetti.

Magaalaa daandiiwwan gaggaarii qabduufi hawwata turizimii ta'aa jiraachuunshee kun immoo osoo ijaarsi marsaa lammataa hinxumuramiin magaalattiin gama konfiransii turizimiitiin walga'iiwwan idiladdunyaa hedduu al tokkotti akka keessummeesituuf carraa kenneera.

Itoophiyaas ta'ee Finfinnee fageenyarraa yemmuun dhagahu biyya hiyyeettiifi ummannishee rakkoo keessaa hinbaanetti hubachaa kan ture ta'uu walga'ii Dargaggoota Afrikaarratti hirmaachuuf gara Finfinnee kan dhufe Dargaggoo Abigal Utaa, yeroo Finfinnee gahee xiyyaararraa bu'u garuu akka waan Itoophiyaa dhufeetti osoo hintaane biyya Awurooppaa wayii galeetti waan ijaan argaa jiru amanuuf kan itti ulfaate ta'uu

dubbata.

Kanaan dura gara Itoophiyaatti dhufee kan hinbeekneefi imallisaa kan ammaa kun isa jalqabaa ta'uu kan himu dargaggoo Naayijeeriyaa irraa dhufe kun, walga'ii irratti hirmaachuuf dhufe caalaa wanti magaalaa Finfinnee keessa naanna'ee arge miira addaa kan itti uume ta'uu ibsa.

Akka yaadasaatti; Finfinnee dhufuu kootiin dura Itoophiyaan walqabatee odeeffannoon ani qabu; Itoophiyaan biyya argama dhala namaa keessaa ishee tokko ta'uu, biyya sirna kolonii Awurooppaatiin hin qabamne ta'uufi biyya yeroo jalqabaatiif weerartoota adii gurraacha ta'ee injifachuudhaan seenaa gaarii qabu ta'uu qofa ture. Boodarra garuu sababoota gara garaatiin ummanni biyyattii rakkoo keessa galee yemmuu fakkeenya hiyyummaa itti taates akka ture seenaarraa dubbiseera.

Garuu wanti yeroo ammaa Finfinneetti hojjatamaa jiruufi naannawee daawwadhe kun waan biyyoota biyya keenya Naayijeeriyaa dabalatee biyyoota Afrikaa hedduu keessatti hin yaadamneedha.

Biyyisaa ollaa Itoophiyaa taatus sababa barnootaatiin biyya Faransaayitti imalee achitti guddachuu kan himu immoo Dargaggoo Jibuuti bakka bu'udhaan walga'ii Dargaggoota Afrikaarratti hirmaachuuf Finfinnee dhufe dargaggoo Abduu Sa'idi. Innis Itoophiyaan biyya guddoo ummata miliyoona dhibbaa ol qabatee jirtu ta'uushii qofa kan beeku ta'uu dubbata.

Magaalota Itoophiyaatti argaman keessaa Finfinnee dabalatee kanneen akka Jijjigaa, Harar, Dirre Dhawaafi Jimmaa maqaadhaan kan beeku ta'uu kan himu dargaggoo kun, Finfinneen magaalota biyya Faransaay keessatti argaman hedduun kan walfakkaatu ta'uu ragaa baha.

Biyyootni Afrikaa kanneen biroo magaalota guddoosaanii midhaagsanii qalbii namaa akka hawwatuufi jireenyaaf mijattuu akka taatu yoo barbaadan fakkeenyaanii Finfinnee ta'uu akka qabu kaasa.

Walumaagalatti; magaalattiin hojii magaalaa midhaagsuufi daandiiwwan babal'isuuf misooma koriidarii jalqabaatiin hangana miidhagdeefi turistoota hedduu harkisuu eegalte tun gaafa marsaan lammataa magaalaa Shaggariin walitti hidhamee hojjetame immoo maal fakkaachuu akka dandeessu gamanumaan tilmaamuun salphaa ta'a.

Abbaa Sa'aa

Kora 16ffaa hoggantoota olaanaa biyyoota miseensa 'BRICS +'

Saamraawit Girmaatiin

ALA bara 2006 Biraazil, Raashiyaa, Indiyaafi Chaayinaa walitti qabuun maqaa 'BRICS+' jedhuun hundaa'ee, boodarra Afrikaan Kibbaa waan itti dabalanteef 'BRICS' jedhamee waamamuu eegale. Gamtaan biyyoota dinagdee cimaa qabaniin kun ALA bara 2024tti ammoo kanneen akka Itoophiyaa, Misir, Iraan, Saawud Arabiyaafi Imireetota Arabaa dabalachuun 'BRICS +' jedhameera.

Biyyoonni miseensa gamtichaa ta'an baay'ina ummata addunyaa keessaa %40 kan qaban yoo ta'u, biyyoonni miseensa gamtichaa shanan jalqabaa dinagdee addunyaa keessaa %27 akka ta'an ragaan ni mul'isa.

Gamtaan biyyoota addunyaa humna dinagdee guddaa qabu jedhaman kanneen akka Chaayinaafi Ruusiyaa akkasumas biyyoota ardiilee addaddaa murteessoodha jedhaman kanneen akka Itoophiyaa, Afrikaan Kibbaa, Indiyaafi Biraazil of keessatti qabate kun, ummata addunyaa keessaa biliyoona 3.5 (% 45) ol biyyoota miseensa 'BRICS+' jedhamanii waamaman keessa jiraatu. Dinagdeen biyyoota kanneeniis walumaa gala Doolaara Tiriliyoona 28.5 (% 28) akka qabatu himama.

Gareen biyyoota 'G20' ALA bara 1991 hundaa'e biyyoota 20 miseensummaadhaan kan qabu yoo ta'u, biyyoonni garicha keessa jiran miseensa 'BRICS+' kan ta'an jiraachuun kan himamu yoo ta'u, gareen biyyoota kun biyyoonni miseensotaa gahee sirna faayinaansii addunyaa keessatti qaban guddisuuf baankota gidduutti hariiroo uumuu dabalatee ittifayyadama maallaqaa 'BRICS+' babal'isuurratti hojjetaa jiraachuun ni himamaaf.

Kaayyoon 'BRICS+' biyyoota miseensota ta'aniifi kanneen guddataa jiran biroo walitti fiduun siyaas dinagdee biyyoota lixaa dura



dhaabachuu akka danda'an taasisuu ta'uutu ibsama.

Gareen biyyoota dinagdee addunyaa irratti dhiibbaa uumuu danda'u jedhamanii amanaman qabate kun korasaa 16ffaa, hoggantoota biyyoota miseensotaa 'BRICS+' hirmaachise, Ruusiyaa Kaazaanitti gaggeeffamaa kan jiru yoo ta'u, Ministirri Muummee Itoophiyaas Kibxata darbe jilasaanii waliin yaa'icharratti argamaniiru. Korri kunis dhimmoota siyaas dinagdeefi waloorratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, cinaattis biyyoonni marii gamlamee taasisaniiru.

Pirezdaantiin Ruusiyaa Bilaadmir Puutiinis Magaalaa Kaazaan keessatti hoggantoota biyyoota kanneeniif kanneen biroo koricharratti hirmaachuuf achitti argaman kan simatan yoo ta'u, affeerraa irbaataa taasisaniifi waliinis marii gaggeessaniiru. Mootummaan isaanis kora kana sagantaa imaammata dinagdee fooyyessuu isa guddaa jedhee waamuusaa miidiyaan biyyattii gabaaseera.

Garicha keessatti dammaqinaan hirmaachaa



kan jirtu Itoophiyaan fooyyessa dinagdee taasisaa jirtu wajjin walqabatee biyyoota miseensota 'BRICS+' irraa investimantii hawwachuuf carraa mijataa akka uumuuf yaadama.

Kora kanarratti Minsitiroonni Dhimma Alaa 32, Pirezdaantoonni 24fi biyyoonni miseensaa sagal irratti hirmaataniiru. Barreessaa Olaanaan Dhaabbata Mootummoota

Gamtoomanii Antooniyoo Gutareezis hirmaattota korichaa keessaa tokko ta'aniiru. Korri turtii guyyoota sadii qabu kun dhimmoota dinagdeefi teknolojiirratti marii bal'aa taasisera.

Itoophiyaan garee kanatti akka makamtuuf ALA bara 2023 waamichi kan taasifameef yoo ta'u, Amajjii 2024 irraa eegalee sochii taasisaa jirti.

Raawwii hojii guyyoota 100 kan waggaa caalu

Kutaa Qophiitiin

Karoorri hojii bara bajataa 2017 qabamee erga hojiitti seenamee guyyoonni 100 darbaniiru; kunis kurmaana jalqabaa kan qabatuudha. Seektaroonni sadarkaa sadarkaan jiranis raawwii karoora kurmaana tokkoffaa qorataa kan jiran yoo ta'u, torban darbes waajjiraaleen ministeeraafi ittiwaamamtoonnisaa walitti qabummaa Ministira Muummee Itoophiyaa Abiyi Ahmad (PhD)n raawwii hojiisaanii qorataniiru.

Akka isaan jedhanitti, qorannoon hojii guyyoota 100 kurmaana waggaa jalqabaa dameewwan garagaraatiin guddinni olaanaan galmaa'uu agarsiiseera. Haa ta'u malee kallattiin guddinaa argame hojiin caalu fuulduratti akka eegamu agarsiisa. Hojiin jijjiiramaa dhaabbataafi siiviil sarvisii hojiirra oolaa ture tattaaffii guddina biyyattii deeggaruurratti argamu.

Dameen tajaajila ummataa aadaa haaraa gahoomsuun akka guddisuufi warri kaanis milkaa'uu akka danda'an akka deeggaruufis fuula miidiyaa hawaasummaasaniirratti dhaamsa dabarsaniiru.

Ministirri Magaalaa Bu'uraalee



Misoomaa Aadde Caaltuu Saanii dhimma kana ilaalchisuun yaada dheengadda Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, raawwiin hojii seektarootaa torban darbe bakka Ministirri Muummeen argamanitti qoratame bara bajataa 2017tti cimnoonni hedduu kan itti galmaa'an ta'uu adda baafamuu himu. Keessumaa dhiibbaawwan dinagdee biyya keessaafi akka idiladdunyaatti mudatan dandamachuun dinagdeen biyyattii guddachaa jiraachuu qoratamuus ni eeru.

Dinagdeen biyyattii dhibbantaa 8.4 guddateera jedhamee yommuu qoratamus hojiilee hojjetaman hunda itti dabaluu osoo hintaane kanneen ijoodha jedhaman qofa madaaluun ta'uu himanii, kanaafis

isa biyyattiin ragaa ofii baaturra darbee dhaabbileen biyyoolessaa guddina caalmaa galmeessisuu Itoophiyaaf ragaa akka ba'an ibsu.

Guddinni biyyattiin galmeessisaa jirtu kan yeroo tokko mul'atee badu osoo hintaane kan ittifufiinsa qabu ta'uu kan himan Aadde Caaltuun, kanaaf immoo hojiin caalu akka eegamu adda baafamuu dubbatu. Riifoormiin dinagdee maakroo Itoophiyaan yeroo jalqabaatiif hojiirra oolchite ulaan dinagdee biyyattii cufaa ture kan baneefi biyyoota addunyaa waliin hojjechuuf haala mijataa uumuufii kaasu.

Akka waliigalaatti hojiin fooyyessa dinagdee gooroo waliin walqabatee

hojjetame seenaqabeessaafi yoomillee kan dagatamu akka hintaane himanii; murtoo Paartiin Badhaadhinaa Itoophiyaa har'a guddina dinagdee, teknolojiifi dameewwan addaddaatiin sadarkaa biyyoota addunyaa wajjin walitti dhufanii, waliu kennanii fudhachuurra qaaqabsiisuu ibsu.

Akka waliigalaatti fooyyessa dinagdee gooroo taasifame seeraan alummaa to'achuu keessattillee ga'ee olaanaa qaba. fooyyessichi kurmaana jalqabaatti raawwii dinagdee fooyya'aa akka argamsiise immoo kan ibsan Ministira Karooraafi Misoomaa Fitsuum Asaffaa (PhD) yoo ta'an, isaanis bara bajataa qabametti guddina dinagdee dhibbantaa 8.4 galmeessisuuf karoorfamuu dubbatu. Riifoormichis guyyoota 100 jalqabaa bara 2017 keessatti hojiirra oole raawwii dinagdee abdachiisaa akka argamsiiseefi kunis guddinni karoorfame akka galmaa'uu kan akeeku ta'uu eeraniiru.

Keessattuu daldala alergii, galii mootummaa, investimantii kallattiin alaafi maallaqa biyya alaa argachuurratti raawwiin fooyya'aa galmaa'uu himanii, gama daldala alergitiin keessumaa daldala warqirratti hojiin daran milkaa'aa ta'e hojjetamuu dubbatu.

Ilaamee...

“Qabiinsa ragaalee Mana Murtii Olaanaa Federaalaa ammayyeessuuf teknolojii diijitaalaa hojiirra oolchaa jirra”

- Aadde Leellisee Dassaalany

Waasihun Takileetiin

Qabiinsi ragaalee mana murtii teknolojiin yoo deeggaramen alatti qulqullinaafi si'aayinaaf mijataa waan hintaanef baroota dheeraaf ba'aa mana hojichaa ta'aa tureera.

Kanamalees ragaaleen kanaan dura olkaa'amaa turan waraqaan yoo ta'u baduun, tajaajilaan ala ta'ani ciccituun ragaa barbaadame dafanii argachuurratti rakkoo hammaataaf kan saaxilame ture.

Ragaaleen mana murtii keessa jiran ammoo yoo sirnaan qaban malee ittigaafatamummaalee qaqqabsiisuu waan danda'aniif qabinsasaaniiratti teknolojiin deeggaramuun dirqama ta'aa dhufeera.

Bu'uuruma kanaan qabiinsi ragaalee mana murtii walfalmiileen gaggeeffaman, murteen darbu marti teknolojiin akka deeggaraman taasifamuu Pirezidaantiin Mana Murtii Olaanaa Federaalaa nikaasu.

Pirezidaantiin Mana Murtii Olaanaa Federaalaa Aadde Leellisee Dassaalany gamaggama raawwii hojii bara 2016fi karoora hojii bara 2017 tibbana gaggeeffamerratti haasaa taasisaniin qabiinsi ragaalees ta'e hojiiileen Mana Murtii Olaanaa Federaalaa teknolojii diijitaalatiin deeggaramuu eegaluu ba'aa hojiifi qabiinsi ragaalee qulqullina qabu argachaa dhufuu kaasiiru.

Ragaaleen akka walfalmiifi daddabarsi ragaalee karaa iftoominaafi qulqullina qabuun qaama dhimmi ilaallatuufi egereef akka taa'uuf ittifayyadamni teknolojii diijitaalaa hojiirra ooluun hudhaa barootaa Mana Murtii Olaanaa Federaalaa keessa ture furuu danda'eera.

Kuufamni hojii barootaaf gangalachaa abbootii seeraati ba'aa tures keessumaa oliyyannoon walqabatee ragaan barbaachisu caasaasaa eeggatee akka ol dhufuuf teknolojichi bu'aa guddaa buuseera.

Abbootiin seeraa ragaalee irradeebiin sassaabuura kanneen teknolojiidhaan qindaa'an karaa dhangala'insaanii eeggataniin teknolojiin deeggaramanii yeroo dhiyaatan yeroon, baasiifi dhamaateen tajaajilamtootaa akka hir'atu taasisaa jira.

Bu'uuruma kanaan Manni Murtii Olaanaa Federaalaa teknolojii qabiinsa ragaalee ammayyeessuun qisaasama, dhamaateefi baasii humnaa olii baraaraa kan jiru yoo ta'u, dhiibbaan hojii abbootii seeraa tures akka furamu taasisaa jira.

Kenniinsa tajaajilaafi qabiinsa ragaalee diijitaallessuun ala walharkaa fuudhinsi hojii akka jiraatuuf kanamalees dhiibbaan hojii namoota muraasarra akka hinqubanneef lakkoofsi abbootii seeraa akka dabalu taasifameera.

Dhimmamtoonni oliyyannoon dhufan hedduu ta'uun walqabatee dhiibbaan hojii waan dabaluuf abbootii seeraa dabaluun ala yeroo boqonnaasaniitti dhimmoota gara garaa murtee barbaadanirratti humna



guutuun akka hojjetan taasifamaa turaniiru.

Abbootiin seeraas waakkii tokko malee dadhabne osoo hinjedhiin imaanaa kennameef of kennanii bahachuun mul'ataafi manii manni hojichaa qabatee ka'e tajaajila seeraa saffisaafi qulqullina qabu dhugoomsuuf hojjetaa kuufama hojii bara lakkoofsise dhimmoota walfalmii yeroo dheeraa gaafatan tokko tokko akka goolabaman taasifamaniiru.

Dhimmoonni seeraan qabaman tokko tokko amalasaaniin beellama deddeebii kan gaafatan jiru. Ta'us dhimmoota akkanaatiin walqabatee tajaajilamtoota dhamaasuuf kan kaayyeffate miti jedhu Aadde Leelliseen.

Dhimmoonni seeraan qabaman tokko tokko amalasaaniin beellama yeroo dheeraa kan gaafatan jiru. Dhimmoota kanneen irra dibaana murtee itti kennuun hindanda'amu. Yeroo dheeraa ragaa qindeessuu, adda baasuu, qorachuufi kkf gaafachuu danda'u.

Osoo qorannoon gadifagoo qaamolee dhimmisaa ilaallatuun hingaggeeffamiin murteen darbuu waan hindandeenyef walfalmiin yeroo dheeraa akka fudhatu taasifama.

Haata'u garuu namoonni tokko tokko abbootiin seeraa waa barbaadanii nama deddeebisu kanneen jedhan jiru. Haqni jiru garuu ilaalcha kanarraa kan fagaate amala dhimmichaarratti kan hundaa'udha.

Yeroo kana jennu hojmaanni badaa karaa abbootii seeraa hinmudatu jechuu miti. Ta'us irra jireessaan deddeebiifi beellamni dheeraan amala walfalmichaarratti kan bu'uureffate, yeroo dheeraa kan gaafatu waan ta'eefi.

Ittifayyadamni teknolojii qabiinsa ragaalee ammayyeessuuf hojiirra oolaa jiru kun ammoo akka ragaaleen qulqullina qabaataniif qorannaa gadifagoon taasifamus kan hojii salphisaa, yeroo gabaabsan ta'ani waan argamanif abbootii dhimmaafis abbootii seeraafis filatamummaansaa olaanaa ta'aa dhufeera jedhu.

Lakkoofsi abbootii seeraa mana hojichaas akka dabalu kan taasifame yoo ta'u, bara 2017tti kanaa ol ammayyeessuun tajaajila kennamus si'eesuun kuufama hojii gadi buusuuf kutannaan ni hojjetama jedhu Aadde Leelliseen.



Imala ittifayyadama teknolojii ammayyeessuun dhiibbaa hojii salphisuu keessatti hojmaata badaa diriirsuun sosoosochaa qaamolee sakaalan keessumaa naamusaan ala hojii ragaalee dhoksuu, maqsuufi kanneen biroon walqabatan uumanimmoo sakatta'uun tarkaanfii madaalawaan akka fudhatamu taasifamaa jira.

Haqa abbaa haqaaf deebisuuf cichuun osoo jiru ragaa dhoksuufi miliqsuun burjaajii uumanii faayidaa qaxxaamura argachuuf kanneen carraaqanirrattimmoo tarkaanfii madaalawaa fudhatamaa tureera.

Akka Mana Murtii Olaanaa Federaalaatti hojjetoota rakkoo naamusaa qaban sadarkaa sadarkaan adda baasuun akkaataa badii uumaniin tarkaanfiiin kan fudhatame ta'uu Aadde Leelliseen eeranii; tarkaanfiiin akeekkachiisaa, mindaan adabuufi hanga hojiirraa gaggeessuu fudhatameera jedhu.

Imaanaa mootummaan itti kenneef haqa abbaa haqaaf deebisuun murtii madaalawaa kennuun osoo malu maallaqaan haqaquuf ragaa dhoksuufi waliindhahuun mudachuusaan manni hojichaa akka komatamu taasisaniiru.

Manni hojichaas komii kana koreefi qaama dhimmisaa ilaallatu waliin sakatta'uun erga ragaadhaan mirkaneessee kan hojiirraa gaggeeffamuu qabu hojiirraa gaggeessuun, kaan mindaan adabuun, kaan waraqa akeekkachiisaa kennuufiin kanneen hordoffii seeraa barbaadanirrattimmoo himata banuun kabachiisni olaantummaa seeraa akka dhugoomu hojjetamaa jira.

Qe'ee olaantummaan seeraa itti kabajama

jedhamee eegamu mana murtii olaanaatti alseerummaan akka hindagaagne haqni akka hinhaqaagamne hojjetamuun dirqama.

Qaamni faallessee argamemmoo dirqama itti gaafatamummaasaa kan fudhatu ta'uu pirezidaantittiin kaasanii, gama kanaan hordoffiin barbaachisu akka taasifamu ta'eera.

Hojjetaan mana hojichaa dirqamasaa akka bahatuuf qofa kan hojjetu osoo hintaane hojii qulqullina qabu hojjechuun kenniinsa tajaajilaa si'ataa teknolojiin deeggaramen manii qabame milkeessuun dirqama.

Fayyadamummaa hojjetootaan walqabatee komiin mindaa wajjin walqabatu ka'aa turuu Aadde Leelliseen kaasanii, hudhaan kun akka furamuufi imalli kenniinsa tajaajila haqaa si'ataafi qulqullina qabu akka dhugoomuuf aantummaan hojjetamaa jira.

Mana Murtii Waliigalaa Federaalaatti Daarektarii Karooraafi Hordoffii Aadde Sofaaniit Ayyalaa gamasaaniin manni hojichaa karoora hiixataa qabatee hudhaalee adda bahan irratti cichoominaan hojjechuun kenniinsa tajaajilaa qulqullina qabu si'ataafi teknolojin deeggarama milkeessuuf akka hojjetamu kaasu.

Kanaafis toorri xiyyeeffannoo hojii kan adda bahe yoo ta'u, qaawwi hojiiratti mul'ataa tures hordoffiin adda bahee waan xiinxalameef karoora ittaanuuf akka galteetti kan gargaaruudha.

Qabiinsa ragaaleetiin walqabatee hojmaanni maanuwaalii harcaatii guddaa waan uumuuf guutummaatti 2017tti achi keessaa bahuun ittifayyadama teknolojii diijitaalaa babal'isuun dirqama.

Dirqama manni hojichaa qabatee ka'e kana milkeessuufimmoo sochii mootummaa cinaatti hojjettoonni teknolojichaan akka walbaraniif ga'umsisaanii akka cimufis nihojjetama. Ga'umsaan walqabatee abbootiin seeraa tajaajila seeraa gara garaa kennan ijaarsa dandeettii fudhachuun hojiisaanii qulqullinaan akka hojjetan taasifamu.

Kanaan dura kenniinsa murtiifi tajaajila abbaa seerummaan walqabatee abbootiin seeraa ga'umsa bilchaataa akka qabaataniif leenjiiwwan gara garaa kennamaa kan turan yoo ta'u, fuldurattis cimsuun tajaajilli seeraa si'ataa akka lafa qabatu taasifama.

Bu'uura kanaan bara bajataa 2017tti ogeessota seeraatiif ijaarsa dandeettii sadarkaa sadarkaan kennuufiin kana malees teknolojii diijitaalaa hojiirra ooluuf jirurrattis madaqsuun qulqullinaan akka hojjetamuuf kallattiin ta'eera.

Walumaagalatti tajaajilli seeraa si'ataan qulqullina qabuufi teknolojiin deeggarama kan komii hir'ise hojiirra akka ooluuf sochiin jalqabame kan ittifufu yoo ta'u, abbootiin seeraas ta'an hojjettoonni karoora manneen murtii federaalaa qabatani ka'an milkeessuuf humna guutuun hojjechu qabu.

AADAIFI AARTII



Ijaarsa galmaa

Godaansa gara Ardaa Odaa

Jila jilachuuf yaa'i Booranaa sadeeniifi qaalluun bakka duraan turanirraa ka'ani gara ardaa jilaatti sirriiqu. Gadaafi Laduu qofa osoo hinta'in namni odaa bulee eebba argadhaa jedhuufi bakkawwan adda addaa jiraatu hundi gara ardaa jilaatti godaana. Fakkeenyaaf; yaa'in Harboora bakka duraan jiruu, ardaa Omaachootii ka'ee ardaa odaa Guutoo qubate. Kan Hawaxxuu bakka duraan jiruu, Aanaa Yaa'abaloo ka'ee ardaa Odaa, Aanaa Areeroo, ardaa Bulee Haraa-Sogiddoo qubate.

Yaa'in koonnituu Aanaa Areeroo, Ganda Qaawaatii ka'ee Aanaa Areeroo, Ganda Halloonaa, ardaa Halloonaa qubatan. Warri Odiituu Aanaa Areeroo Ganda Halloonaa ka'ee gandichuma keessaa ardaa Hara-Qaalluu qubatan.

Kanaaf jila kanaaf bakkawwan hundaarraa dhufu. Seeraafi duudhaasaanii eeggatanii; meeshaa manaa gaalatti fe'aniifi horiin qaban oofaa gara ardaa lafa dhawaatti godaanu. Godaansi hangaftitii qaba. Jila kanaaf bokkuun waan hangafuuf aadaa hangaftitii eeggatanii bokkuun dura baha. Ittaansuun Abbaan Gadaa faana baha.

Oggaa godaanii qubatan namuu gosa waliin qubatu waan qabuuf namuu garuma gosasaatti godaana. Yaa'in sadeenuu yoo godaanu Eemmajjiifi Fullelee gara Odiituu godaanti. Maaliif jennaan warrii kun waan waliif sunsuma ta'aniif. Sunsuma sadeen jedhanii walitti qubatan. Godaananii qajeeltuun Ardaa Odaa hinqubatan. Halkan tokko jidduu bulan. Jalbultii tun lafa dhaha jedhamti.

Ardaa lafa Dhaha ykn Bacibacii

Ardaa lafa Dhaha jila odaa qofaaf hinbulan. Jiloota hedduu keessaatti lafa dhaha yokiin jalbultii jilaa buluun dirqama. Jiloota akka Odaa, Buttee dhaabuu, Gadamojjiifi kanneen biroo keessatti lafa dhaha buluun beekama.

Jilti Odaa tan baranaa yaa'ii sadeeniifi laduun godaane osoo ardaa jila Odaa hindhaqqabiin bakkuma jiruu lafa dhaha bulee. Ollaan kun shanachaan gargar bahee qubatee, akkuma qubateen uchumaa buufatee buna qalata. Uchuma jechuun muka aadaa kan yoo irban ibiddaa buusuudha. Ummanni Booranaa yoo qubatu jalqaba uchuma buufatu malee hojii biraatti hinseenu. Uchuma buusuun aadaa tolfamtu keessaa isii tokko.

Gaafa qubatan galgala abbaan warraa horii qaluu qaba. Horiin qalamus bacibacii jedhama. Bacibacii kan qalamu jalbultii ardaa jila Odaatti ardaa lafa dhawaa jedhanii namni jila kanaaf godaanu hundi horii qalata. Ardaa qubatanii guyyaa uchumaa buufatanii, buna qalatanii eebbifatanii galgala horii galfachuun dura hulluuqoo naqatanii bacibacii qalatu.

Yeroo kana haati warraa hundi sa'a soorreesa muchi afranuu aannan baasu elmittee dhufteen abbaa warraatti kenniti. Abbaan warraas aannan kana unee deebisee gara jilaatti deema. Mi'a aadaa jilaa orooroo, waddeessaafi lichoo fudhatanii, bacibacii haati warraa mataa qabdee abbaa warraarraa jalqabee namni hundi hariirraa.

Kaayyoo guddoon jila ykn bacibacii kanaa jila kanaan duubatti gara ardaa jila Odaa waan deemaniif ardaan kun ardaa qulqullo eebbaa waan ta'eef cubbuu duraan hojjateerra qulqullaa'uu qaba. Kanaaf bacibacii kun cubbuu dhiqachuuf jecha waan dur beekaafi otoo hinbeekiin raawwataniif Waaqa dhiifama kadhatu.

Walqunnamtii saalaa nama seerri hineeyyamne waliin yoo raawwate irraa haraara galuuf. Abbaan warraas yoo hariiratu, "Waan tapha taphichoo waan tapha ijoollummaa nagaa naa guutii" jedhe kadhatu. waan an tapha keessa dogoggoraan hojjadhe waaqi dhiifama naa godhi jedhu.

"Bacibacii baate, wanni quyee baate, wanni xuxii baate, wanni hamtuun baate" jechuun kadhatu. Quyee bineensa xiqqaa garaadhaan lo'uu, xuxiin bineensa xixiqqaadha. Yoon waan kana tokkollee duraan ajjeeseera ta'e Waaqni dhiifama naaf haa godhu jedhu.

Horiin qalamee foonsaa nyaatama. Kan halkan jila tolfachaa bulee barii ganama ka'ee Bokkuufi Jaarsa kosii moonaa keessaattii eebbisa. Eebbi Bokkuufi Jaarsa Kosii kun huyyisa jedhama. Maaliif Bokkuufi Jaarsa Kosii qofa kophaa eebbisan jennaan, olaantumaa jila kana kan geggeessan Bokkuufi Jaarsa Kosii waan ta'aniifi.

Akka inni jila eebbaan geggeessuuf eebbisan 'huyisaan' jila hedduu fuula duraa jiruuf akka isaan milkiin geggeessan eebbisan. Bokkuun hangafaa Jilaa waan ta'eef akka jilti tun milkiin ykn kaayyoon obbaatu tolchuuf bokkuu ardaa jilaatti

duratti uwwisan. Akkasuma jaarsii kosii, kosii ardaa jilaa sun wayyoomsan waan eebbisuuf hamma eebbisan uwwisanii ardaa eebbisiisu. Kanaaf isaan lamaan kan uwwisu arda lafa dhawaatti. Yeroo sanarraa jalqabee gara Odaatti sirriiqu.

Quttuma Ardaa Odaa

Ardaa lafa dhaha bulanii bacibacii qalatanii, barii ganama Bokkuufi Jaarsa kosii uwwisanii gara ardaa jilaa odaatti godaanu. Yoo sirriiqan akkuma baratame hangaftitiiin bokkuun dura bahuun abbaan Gadaa ittaanee walitti corooru. Ardaa jila odaa yoo qubatan hangaftitiiin mirgaa gara bitaatti qubaatu.

Hangafni mirgaan, maandhaan bitaan qubata. Hangafni jila tana bokkuun mirgaan ittaanee abbaa Gadaa. Isaanirraa jalqabee hangafaafi gosaan mirgaa gara bitaatti qubachaa deemu. As keessatti wanni beekamuu qabu qubanni ardaa odaa gosaan ta'a.

Namuu gosasaa ardaa qubatuun walitti aanee ollaa walta'ee, gosaan qubatu. Namuu hayyuu gosa isaa kan yaa'a kana keessa jiruutti qubata. Gosaan qubatanii gosa bira dabartee gosa wayaa dachaatiin walitti aanu. Gosa wayaa dachaa jechuun gosa buusaa gonofaa walitti qabduudha.

Fakkeenyaaf Dambee noonoo- dambituufi noonnituu

Koonnoo qarcabdu - koonituufi qarcabduu Digaluu maxxarrii - Digaluufi maxxarrii Digaluu Eemajjiifi Fullelee, Odiituu walii

Namuu hayyuu gosasaanii kan yaa'a keessa jirutti qubata. Tanaaf warri Odaa godaanu kamuu yaa'a gama hayyuu gosasaanii jiruutti qubatee, hanga Baallii kennanii yuubomee fuloo yaa'utti, hayyuu gosasaanii waliin ta'uun jila gooroo tolfata.

Eemmajjiifi Fullelee Oodituu walitti qubatanii jila waliin tolfatu. Gosti Eemmajjiifi Fullelee Odiituu waliin sunsuma waan ta'aniif gosa ulfinaa guddaa waliin qaban. Warri kun akka guddaa walulfeessee waldheeta waan ta'eef fulaa tokkotti walitti qubatee odaa waliin bulee, waliin waaqa kadhachuun waan guddaadha.

Yaa'ii qa'een walqubatee waliin jilatu kun Galma Jaarsa kosii ka Eemmajjiifi Galma Odaa kan Qaalluu Odiituullee waliin qaban

malee galma kophaa kophaa hinjaarratan. Warri Sadeen, Odiituu, Eemmajjiifi Fullelee waliin Sunsum Sadeen jedhama. Sunsum sadeen armaan olii kunneen quttumaan garuu xiqqoo walhanqatan, Eemmajjiifi Fullelee gara bahaatiin dursan yoo qubatan, Yaa'i Odiituu gara dhihaatiin duubaan qubata.

Yaa'ii yoo Odaa godaanu Gadaan Hawaxxuufi Koonnituu hayyuu meedhichaa kan yaa'a lamaan gara Arboora godaane harboora waliin qubatee odaa waliin bulee jilata. Yaa'ii lamaan (Hawaxxuufi Koonnituu) garuu hayyoota garbaa waliin ardaa Odaa qubatan waliin bulan.

Yaa'ii Odaa buluu kan bara 2008 ji'a Hagayyaa Gadaa Booranaa 72ffaa keessaa godaane bakkii isaan qubatan;

Yaa'ii Arboora Ardaa Jilaa Guutoo Aanaa Areerootti

Yaa'ii Hawaxxuu Ardaa Jilaa Bulee Aanaa Areerootti

Yaa'ii Koonnituu Ardaa Jilaa Halloonaa Aanaa Areerootti

Laduu Qaalluu Ardaa Jilaa hara Qaalluu Aanaa Areerootti

Haala kanaan Yaa'a Gadaa sadeeniifi Laduun inni hangafaa kan Qaalluu Odiituu ardaa jila yoo qubatan, kan Qaalluu Odiituu garuu xiqqoo waan adda godha qaba. Innis yoo ardaa qaalluu qubachuuf jedhan dursa ganama hoolaa saddeet ilmooleesaniin waliin ofi dura oofanii iddoo itti qubatan sanitti elmu. Hoolaan achitti elman sun eebba ardaa jilaa kanaati. Ardaa kanaan Aanaa baasan jedhu.

Walumaagalatti bakkawwan hundatti guyyaan quttumaa tokko. Yaa'a sadeenuu keessatti guyyaan ardaa Odaa qubatan Ayyaana wallaati. Wanni guyyaa wallaa ardaa qubatanii galmaa dongoraniif ayyaanni wallaa ayyaana qaalluu waan ta'eef jiltii tun hangafaafi qaalluu kanaaf walitti fidan, akkasumas jiltii wallaa jila kaayyooti. Akkuma guyyaan quttumaa tokko ta'e guyyaan xumuralleen tokko. Akkaataan hangaftitillee qubatanii tokko.

Wajjira Kominikeeshinii Godina Boorana Bahaa

“Misoomni koriidarii magaalaa miidhagsuurra darbee...”

Hojiin kun aadaa hojiilee kan jijjiire yoo ta’u, saffisaafi qullullinaan jiraataa magaalaa hirmaachisuufi, haqaqabeessummaa mirkaneessuun hojii akkanaumaan ilaalu osoo hintaane dhalootaafillee muuxannoon ittiin darbu ta’uu himanii, misoomni kanaan dura hojjetamaa ture harkaqaal’eeyyii, humna hinqabne, daa’immaniifi hawaasa bal’aaf haala mijataa kan hinqabne akka ture dubbatu. Namni baay’een wantoota hojjetaman ilaalee darba malee “kan kooti” jedhee ittitaajilamaa akka hinturres ni eeru.

Amma garuu namni hojiilee hojjetaman dinqisiifachaa miilasaatiin deemuu, saayikilii oofuu, daa’imman taphachiisuufi

bashannansiisuu akka eegalan kaasani, kunis akka namoonni biyyasani jaalataniifi gatii itti kennan taasisuu keessatti gahee olaanaa akka qabu dubbatu. Hojii magaalaa miidhagsuurra darbee dhaloonni biyyasaa waliin hariiroosaa akka cimsatu taasisaa jiraachuu ni eeru.

Hojiin kun osoo hinjalqabiin duraafi erga jalqabees kantiibonni magaalota 30 dhufanii akka ilaalan taasifamuu himanii, baay’eensaani Finfinneen humnaafi qabeenya waan qabduuf kan hojjetta jedhanii akka yaadan osoo hintaane, humni guddaan magaalonna qaban jiraataa magaalaa ta’uusaatiin deebi’anii jiraatota magaalotasaanii waliin mari’atani akka

waliigalan yaadamuu dubbatu. Akkuma Finfinneen utuu ijaarsonni hindiigamiin dura ummata mariisee hojitti seene, isaanis gahee qooddatanii hojiitti seenuuf muuxannoos irraa argachuu himu.

Haaluma kanaan Finfinneen ala magaalota 30 ol kanneen akka Jimmaa, Harar, Dirree Dhawaa, Dasee, Baahirdaar, Gondar, Jigjigaa, Miizaan Amaaniifi Arbaaminciifan hojii walfakkaataa hojjetaa jiraachuu kan ibsan Aade Caaltuun, badhaadhinni kan dhufu waan magaalota muraasa keessatti hojjetame qofaan waan hintaaneef magaalota Itoophiyaa guutuutti hojiirra kan oolu ta’uu himu.

Hojiin misooma koriidarii kun magaalota qofatti kan daanga’uu osoo hintaane deeggarsa doolara miliyoona 417 Baankii Addunyaarraa argameen baadiyaattis babal’achuu eeranii, keessumaa bakkeewwan omishaafi omishtummaan bal’inaan argamutti qonnaan bulaan haala salphaan gabaatti akka fidatuuf yaadamee hojjetamaa jiraachuu himu.

Hojiin eegalame hundi akka milkaa’uuf keessumaa hanqinoota kenna tajaajilaafi hanna waliin walqabate hiikuuf hundi ittigaafatamummaasaa ba’achuufi amanamummaadhaan of kennee hojjechuu akka qabu dhaamu.

“Waltajjiin ...”

“Hariiroo damdaneessa cimaa misoomaafi nageenya madaalawaa addunyaaf” jedhuun haasaa taasisuunsani ni yaadatama.

Itoophiyaan ALA bara 2023 biyyoota gara BRICS+tii akka makamaniif affeeraman keessaa tokko ta’uunshees nibeekama.

Doktar Abiyyi Ahmadiifi Giiftiduree Zinnaash Taayyaachoon turtii yaa’ii ‘BRICS’+ irratti taasisan xumuruun jilasaanii ministirootaa waliin daaw’annaa hojiif kaleessa gara Maaleezhiyaa, Magaalaa Kuwaalalaampuur qajeelaniiru.

Daaw’annaa biyyattiitti taasifameenis dureeyyonni Maaleezhiyaa Itoophiyaatti hojii investimantiiratti bobba’uu akka barbaadan beeksisan.

Jilli Itoophiyaa gara Maaleezhiyaa dhaqe hawaasa daldalaa Maaleezhiyaa waliin mari’ateera. Jilli kun filannoowwan hojii investimantii Itoophiyaa keessa jirurratti hawaasa daldalaa marii kanarratti argamaniif ibseera.

Keessumaa damee manufaakchariingii, agroopiroosesinigi, faarmaasiyutikaal, tekistaayiliifi garmentii, albuudaafi ijaarsarratti dureeyyonni Maaleezhiyaa hojii investimantii akka hojjetan waamicha taasissefiira.

Miseensonni hawaasa daldalaa Maaleezhiyaa gamasaaniin Itoophiyaatti hojii investimantii hojjechuuf dursa daaw’annaa dursaa kan taasisu jila investimantii gara Itoophiyaatti ni ergina jechuusaanii odeeffannoon Korporeeshinii Misooma Paarkiiwaniirraa aragame ni mul’isa.

“Ummanni Oromoo qabeenyasaa kan hinqabneef...”

ummata naannolee biroos gargaaraa jiraachuu himanii, sektarichi lammiilee dhiyeenya kana Gofaatti balaa sigiga lafaan miidhamaniif deeggarsa midhaan kuntaala kuma kudhanii taasisseera. Dhaabbatiichi naannolee Amaaraa, Tigraay, Affaariifi Somaaleefis yeroowwan gara garaa deeggarsa taasisaa turuu eeraniiru.

Akka Obbo Mogos jedhanitti, Buusaa Gonofaan waggoota lamaan darbanitti miseensota miliyoona 25.5 kan horate yoo ta’u, barana gara miliyoona 30tti guddisuuf karoofatee hojjechaa jira. Kunis Oromoon aadaa walgargaarsaasaa ganamaatti deebi’uuf fedhii guddaa qabaachuusaa agarsiisa.

Buusaa Gonofaan Oromiyaa yeroo ammaa ofeeggannoof midhaan kuntaala kuma 100 ta’uuf qarshii biiliyoona sadiitti hiiqu kuufatee kan qabu ta’uu himanii, dhaabbatiichi barana gumaata biiliyoona ja’a ta’u walittiqabuuf karoofannee hojjechaa jirra jedhaniiru.

Gamoowwan gara garaa galii argamsiisanis ni qabna. Sektarichi qabeenya walittiqabee lammiilee balaa namtolcheefi uumamaaf saaxilaman gargaaruu qofa utuu hintaane

balaa dursanii ittisuufi rakkoon yoo mudate ammoo ummanni maal gochuu akka qaburratti qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin hojjechaa jiraachuu eeraniiru.

Boosaa Gonofaan Oromiyaa barattoota naannichaa oolmaa daa’immanii hanga kutaa 8ffaatti jiraniif sagantaa nyaata barattootaatiin cireefi laaqana dhiyeessaafi jiraachuu himanii, sagantichaan barattootniifi barsiisotni miliyoona 9.4 ta’an tajaajilamaa jiru. Bara darbe sagantaa nyaata barattootaaf qarshiin biiliyoona saddeet baasuus himaniiru.

Qabeenya walittiqabamu keessaa irrareessisaa nyaata barattootaaf oolaa jira. Ummannis midhaan, qarshii, beelladootaafi meeshaalee gumaata taasisuudhaan dhaabbatiichaa bira dhaabbachaa jira. Qabeenyi kunis nagaheedhaan walittiqabamaa jira. Dhaabbatiichi gara fuulduraatti miseensotarraa galii walittiqabuu qofa utuu hintaane galii mataasaa maddisiisuurrattis xiyyeeffatee hojjetaa jiraachuu himaniiru.

Dhimmi gargaaramtummaa keessaa ba’uu akkuma biyyaattuu xiyyeeffannaa

guddaadhaan irratti hojjetamaa jiraachuu himanii, Buusaan Gonofaa Oromiyaa hojii gargaaramtummaa jalaa ba’uuf raawwatamaa jiruuf fakkeenya gaarii ta’a. Dhaabbatiichi naannolee biyyattiifis muuxannoosaa qoodaa jiraachee eeraniiru.

Ummanni qabeenya guddaa, humna namaa gahaa, lafaafi lageen hedduu utuu qabuu gargaarsaaf qaama biraa eeggachuun qaaniidha. Ummanni keenya harka namaa eeguurrara gara ofdanda’uutti ce’uu qaba. Rakkataa keenya rakkoo keessaa baasuuf aadaan walgargaaruu, walcina dhaabbachuufi walceesisuun keenyaas daran cimsee itti fufuu qaba. Hojiin kun haal bittinnaa’eenm osoo hintaane haala ijaarameen hojjechuu gaafata. Ijaarsi amma qabnu ammoo Buusaa Gonofaa Oromiyaatti jedhu.

Ummanni Oromoo kaayyoo Buusaan Gonofaa Oromiyaa hundaa’eef hubatee sektaricha cina dhaabbachuu akka qabu yaadachiisanii, caasaaleen mootummaa sadarkaan jiranis tumsa gama hundaan dhaabbatiichaaf taasisaa jiran cimsanii ittifufuu akka qaban dhaamaniiru.

Raawwii hojii guyyoota 100 kan...

Fakkeenyaaf bara bajataa 2016tti warqii Baankii Biyyaalessaa seene toonii afur qofa turuu ministiritiin yaadachiisanii; bara bajataa kanatti ji’oota sadan jalqabaatti qofa warqii tooniin torba Baankii Biyyaalessaa seenuu himu. Kunis Fooyyessa Dinagdee Gooroo yeroo gabaabaa keessatti jijjiirama hangamii akka fide kan agarsiisu ta’uu ibsu.

Ministirri Maallaqaa Obbo Ahmad Shidee gamasaaniin, riifoormiin dinagdee kun dursee

karoofamee hojiirra kan oole waan ta’eef milkaa’uu eeranii, keessattuu gama kanaan qaala’iinsa jireenyaa tasgabbeessuuf hojiin hojjetame barbaachisaa ta’uu ibsu.

Gama biraatiin, yeroo ammaa kana safartuun sharafa alaa gabaa walfakkaatuufi baankota gidduu jiru daran walitti dhihoo ta’uu himanii, raaawwiin waliigalaa ji’oota sadan darbanii guddinni dinagdee kan bara bajataa darbee caala akka fooyya’u kan agarsiisu ta’uu kaasu.

Jijjiirama biyyaalessaa hordofuun dandeettiin

galii sassaabuu Itoophiyaa guddachaa jiraachuu kan himan ammoo Ministira Galiwwanii Aade Ayinaalam Niguseeti. Fooyyessi Dinagdee Gooroo bara bajataa kanatti hojiirra oole raawwii sassaabbii galii daran jajjabeessaa ta’e fidaa jiraachuu eeru.

Kanaanis kurmaana tokkoffaa keessa gibirarraa galii qarshii biliyoona 180 walitti qabamuu himanii, kunis bara darbe yeroo walfakkaataa faana walbira qabamee yoo ilaalamu qarshii biliyoona 71 akka caalu himu.

Raayyaa qormaata keessatti...

ta'uu dubbataniiru. Itoophiyaan aarsaa kanaan yoon geesseetti jedhanii; kanaaf ammoo raayyicha galateeffachuun akka barbaachisu eeraniiru.

Hojiin riifoormii Ittisarratti hojjetame biyyarra darbee Afrikaattillee fakkeenyummaan kan eeramuudha jedhanii; kanas ministiroonni ittisaa biyyoota Afrikaa dhiheenya Finfinneetti argaman ragaa bahuusani eeraniiru.

Raayyaan ittisa biyyaa Itoophiyaaf bu'ura ta'uu Pirezidaanti Taayyeen dubbatanii, guddinni hundagaleessi akka mirkanaa'u gooticha raayyaa waliin dhaabachuun akka barbaachisu hubachiisaniiru.

Ministirri Raayyaa Ittisa Biyyaa RFDI Injiinar Ayishaa Mahaammad gamasaaniin, raayyaan keenya qormaata keessa kan darbe, kan hinraafamneefi gaachana biyyaa waan ta'eef biyya qormaatarraa bararaa jira jedhan. Qormaatonni raayyaa keenya mudatan kan duubatti isa hambisan otoo hintaane caalaatti fuulduratti akka tarkaanfatu kan isa taasisaniifi cimsaniidha jedhan.

Murnoonni milkaa'ina Itoophiyaan gama dippilomaasiifi misoomaan galmaa'aa jirutti inaan nageenyashii booressuuf yaalaa turuu kan eeran ammoo Shuumii Itaamaajoorii Humnoota Waraanaa Waliigalaa Fiildi Maarshaal Birhaanuu Juulaadha.

Yeroo ammaa Itoophiyaan gama hawaas dinagdeefi siyaasaatiin tarsiimoo gaariirra jiraachuu himanii, murnoonni gantuu hojii baandummaa gaggeessan ishee dadhabsiisuuf yaalanis ga'umsa Raayyaa Ittisa Biyyaatiin funaanamaa jiraachuu kaasaniiru.

Ilaalchiifi gochaan diigumsaa baandota biyya keessaaf alaan hiriirani jiraniin calaqqisaa jiru, milkaa'ina Itoophiyaan ijaarsa hidha guddichaan argamsiisaa jirtutti inaa fuurraa kan ka'e ta'uu himaniiru.

Ijaarsi hidha guddichaa gara xumuraatti dhiyaateef Raayyaan Ittisa Biyyaa dammaqaan eegumsa barbaachisu taasisaa jiraachuu eeranii, dhimmi balbala galaanaas dippilomaasiidhaan adeemsa gaariirra jiraachuun baandaafi diinota Itoophiyaaf dhukkubbii mataa ta'uu dubbataniiru.

Inaaffaa isaan keessa buleen baandonni biyya keessaa diina alaa waliin hiriiruun shira hammeenya xaxanis imala jijjiiramaa Itoophiyaan ittijirtu duubatti deebisuun akka hindandeenye qabatamaan agarsiisaa jirra jedhan.

Raayyaan Ittisa Biyyaa Itoophiyaan walabummaa biyyasaa kabachiisuuf hiriire marti hidhannoo ammayyeessuufi teknoolojiin of ijaaruun sa'aa 24 dammaqaan birmadummaa biyyasaa eegsisaa akka jiru kaasaniiru.

Gama ga'umsaanis yoo ilaalame raayyaa Itoophiyaa fakkaatu ijaaraa jiraachuufi humna kallattii barbaadeen biyyasaarratti aggaamu kamiyyuu qolachuuf haala isa dandeessisuun ijaaramuus ibsu.

Itoophiyaan biyya misooma Raayyaa Ittisa Biyyaatiin biyya cimatteefi maqaa qabdu ta'uu yaadachiisani, ilaalcha inaaffaa baandaafi diinota alaa isheerratti aggaamamuun biyya duubatti deebitu akka hintaane dubbatu.

Qaama faallaa Itoophiyaa deemu kamuurratti humna tarkaanfii laalessaa fudhachuu danda'u kan ijaarratte Itoophiyaan misoomashii ittifufsiisaa walabummaashii tikfataa guddina yaadame galmaan ga'uuf halkanii guyyaa raayyaan tikfamti jedhaniiru.

Gootummaa Raayyaa Ittisa Biyyaa dirreewwan waraanaafi nagaa kabachiisuu keessatti bobba'an mara keessatti injifannoo cululuqaa galmeessisaa jiraachuu seenaan ragaa akka ba'u himanii, gootummaan kun dachaan akka dabaluufti leenjiifi hidhannoo ammayyaan of ijaaruun teknoolojiin deeggaramuun walabummaafi birmadummaa Itoophiyaa gama maraan kabachiisuuf kutannoon hojjetamaa jiraachuu Fiildi Maarshaal Biraanuu hubachiisaniiru.



Oromiyaatti ji'oota ...

tatamsa'ina dhibee busaa daran hammeessaa tureera, jiras. Rakkoo kana maqsuufis mootummaan naannichaa, federaalaafi dhaabbileen idiladdunyaa garagaraa qindoominaan hojjechaa jiru. Tatamsa'inni dhibichaa kan bara 2016 caaluu baatus ammayyuu ifaaja bal'aa gaafataa jira. Baay'ina namoota dhibee kanaan qabamanii kan ji'oota sadan darban (kurmaana 1ffaatti) qofa yoo ilaalamu namoota miliyoona 1.2 dha.

Ammaan tana godinaaleen Wallagga Lixaa (aanaalee 22), Wallagga Bahaa (aanaalee 18), Jimmaa (aanaalee 15)fi Qellem Wallaggaatti tatamsa'ina dhibee busaati sadarkaa olaanaa qabachuu himanii; haaluma walfakkaatuun Iluu Abbaa Boor (keessattuu aanaan Daarimuu), Buunnoo Beddellee (Aanaa Cawwaaqaa), Shawaa Kibba Lixaa, Shawaa Bahaafi Lixaa, Gujii Lixattis tatamsa'inni dhibichaa daran hamaa ta'uu ibsaniiru.

Tatamsa'ina dhibee kana maqsuuf qaamolee qooda fudhattoota waliin qindoominaan hojjechaa jiraachuu ibsani; deeggarsa mootummaan federaalaa, dhaabbileen dhiyeessii qorichaafi idiladdunyaa taasisan cinatti hanqinni mudachuu mala sodaa jedhuun qoricha namoota kuma 110 wal'aanuu danda'u bitanii qopheessuus eeraniiru.

Haa ta'uu malee, dhibeen busaa dhiyeessii qorichaafi saaphana siree qofaan kan furamu osoo hintaane ummatni jijjiirama amalaa fiduun dhimma murteessaa ta'uu eeranii; saaphana siree mana kaa'uun galgala ala turanii manatti kan deebi'an yookiin saaphana siree maranii kan kaa'an yoo ta'e bu'aa akka hinqabne hubachiisaniiru. Hanqinni qorichaa lilmoon fudhatamu jiraatus qoricha liqimsaa qixa sirriin fayyadamuun barbaachisaa ta'uus ibsaniiru.

Biirichis dhibicha maqsuu keessatti hirmaannaan hawaasaa murteessaa ta'uu hubatee hawaasa sadarkaan jiru kilaastaraan hirmaachisaa jiraachuu dubbatanii; bishaan kuufamaa dhangalaasuufi raabsa keemikaalaarratti hawaasa bal'aa hirmaachisaa akka jiran himaniiru.

Gaaga'ama dhibee kana qolachuuf baasii ta'e cuunfani dhiyeessuun ammatti rakkisaa ta'us baasiin ba'e daran olaanaa ta'uu himanii; kan bara darbee qofa osoo hin taane barana qooda fudhattoonni hundi tumsa jabaa taasisaa akka jiran dubbataniiru.

Gumaacha gurgurtaa aksiyoona %10 Itiyoo...

Waliigalaan aksiyoonni idilee qarshii miliyoona 100 marsaa jalqabaatiin gurgurtaaf dhiyateera. Aksiyoonni tokko qarshii 300tti kan gurguramu yoo ta'u, namni tokko aksiyoona gadaanaa hanga 33tti qarshii kuma sagaliifi 900n bitachuun abbaa aksiyoona ta'a.

Qarshii kuma 999fi 900n aksiyoona kuma sadiifi 333 bitachuudhaan abbaa aksiyoona guddaan ta'uunis nidanda'ama. Gurgurtaan aksiyonichaa Onkoloolessa 6 hanga Mudde 25 bara 2017tti qarshii Itoophiyaa qofaan kaffaltiisaa sa'aatii 48:00 keessatti karaa telee birriin gaggeeffama. Abbootiin aksiyoona haaraan Amajjii 23 ibsama. Kaffaltii kenna tajaajilaafi gibiraaf aksiyoona bitatanirratti dabaluu %1.5 kaffalu. Gaaffii, gaafa kunniin hundi hojiirra oolan dinagdeefi dijitaalayaizeeshinii biyyaa guddisuufi ceessuu keessatti gumaacha akkamii qaba jedhurratti yaadni hayyuu dinagdee gameessaafi dhimmamtuu tokkoo kan ittaanuudha.

Hayyuu dinagdee Doktor Qosxaninos Barahetasfaa gurgurtaan aksiyoona %10 Itiyoo Telekoom ifoomse dinagdeefi dijitaalayizeshinii keessatti gumaacha olaanaa akka qabu ibsu.

Gurgurtaa aksiyoona kanaan gabaan kaappitaalaa ('capital market') waan uumamuuf kaampaaniin Itiyoo Telekoom akka ittihirmaatuuf haala mijaa'aa uuma. Kanaan duras investarootni biyya alaa ittihirmaachuun jedhamee ture.

Amma garuu Itiyoo Telekoom aksiyoona tokko qarshii 300n dhiyeessuun hawaasa abbaa aksiyoona taasisuurra darbee mootummaaf bu'aa guddaa argamasiisa. Dhimmoota misooma hawaasummaan walqabatan keessumaa uwwisa telekominikeeshinii akka biyyaatti barbaachisu babal'isuuf gumaacha olaanaa qaba. Kana qofaas miti, uwwisa qulqullina qabu dhiyeessuuf keessumaa tajaajila dhaloota 5ffaa ('5G') maagaalota biyyattiitti eegalaman galmaan akka ga'uuf humna guddaa ta'a.

Gurgurtaan aksiyoona tokkoo qarshii 300n akka gurguramu ta'uun lammiileen carraa aksiyonichatti hirmaachuu bal'aa akka qabaatan taasisa. Dabalataanis, hawaasa abbaa aksiyoona taasisuurra darbee dinagdee biyyaa keessatti shoora olaanaa qabaata. Namni tokko qarshii baankii kaa'ee dhala argatu caalaa aksiyoonii kaampaani bu'aqabeessa (Itiyoo Telekoom) waggaatti bu'aa guddaa argata. Kun ammoo jireenya hawaasaa nifooyyessa, akka biyyaattis guddina dinagdee ni si'eessa.

Hanga ammaatti namootni baankiirraa liqeffachuun hojjechaa turan. Amma garuu haala bittaafi gurgurtaa gaggeeffamu gabaan kaappitaalaa uumamaa waan jiruuf dabalataan carraan hojii akka uumamuuf gumaacha olaanaa qaba.

Tajaajilli telekominikeeshinii bu'uura guutummaa adduunyaa waan ta'eef babal'inni telekoomii, intarneetiifi qulqullinni uwwisa tajaajila telekominikeeshiniin walqabatee hojiileen hojjetaman dijitaalayaizeshinii milkeessuu keessatti shoora olaanaa qabaata. Wayita kaappitaalli biyyaa guddachaa deemuttis kenni tajaajilaa akka guddataa deemu taasisa.

Gurgurtaan aksiyoona Itiyoo Telekoom gaggeeffamaa jiru Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad wayita gara aangooti dhufan dinagdee bilisaa ('Economic liberalization') hundeesuun mootummaan dhimmoota ijoo biyyaarratti akka xiyyeeffatu ibsaniif mul'istuudha. Haaluma kanaan kubbaaniyyootni biroonis gabaan kaappitaalaatti hirmaachuu ittifufuun omishaafi omishtummaan niguddata, lammiilee biyyattii hundi dinagdee keessatti akka hirmaatan taasisa.

Gabaan kaappitaalaa yakkootti garagaraa akka uumamaniif carraa waan banuuf mootummaan qaama hordofuufi to'atu diriirsuun ofeeggannoo barbaachisaa taasisuu qaba jedhan.

Dhaabbata sirnakoo mobaayilii tokko taasisuu idiladdunyaa 'GSMa'tti qorannoo

dinagdee dijitaalaa Itoophiyaatti gaggeesseen Itoophiyaan dinagdee dijitaalawaa lafa qabsiisuuf hojiin hojjetame biyyoota Afrikaaf fakkeenya akka taate ibseera.

Ittigaafatamtuun dhaabbatichaa Mis Angeelaa Wamolaa ibsa Kamisa darbe Finfinneetti kennaniin fooyyessi dinagdee gooroo Itoophiyaa teknoolojii mobaayilii hojjetame sektaroota maanifaakcharingii, qonnaa, kenniinsa tajaajilaa hawaasaarratti bu'aa argamsiisaa jira. Bara 2023ttis Itiyoo Telekoom omisha waliigalaarraa galii qarshii biliyoona 700 argamsiiseera jedhan.

Uwwisi walqunnamtii intarneetii mobaayilii (mobile internet connection) dhibbantaa 65n guddisuu, kan teknoolojii dhaloota 4ffaa (4G) dachaa saddeetiin babal'isuun hojiiwwan guguddoon hojjetamaniiru.

Yoo haaluma kanaan bara 2028tti galii omisha waliigalaa qarshii tiriliyoona 1.3 ol argamsiisuun galiin mootummaa gibirraa argamu qarshii biliyoona 57tti guddachuu akka danda'u eeraniiru.

Uwwisi walqunnamtii intarneetii mobaayilii dabalaa deemuun guddina sektarootaa saffisiisuun sektaroota qonnaatti qarshiin biliyoona 140, maanifaakcharingii keessatti qarshii biliyoona 114 gumaacha akka qabaatus ibsaniiru.

Garaagarummaan fayyadamtoota mobaayil intarneetii sababa koorniyaatiin walqabatu fooyyessuun gara dhibbantaa 66 gadibuusuun Itoophiyaanonni miliyoonaan toora intarneetiirratti akka ba'an taasisa. Wayita tajaajilootni kunniin guddachaa deeman mobaayil baankiingii babal'isuudhaan sirna faayinaansii hundagaleessa mirkaneessuun guddina dinagdee biyyaa keessatti shoora olaanaa taphata.

Gatii madaalawaadhaan tajaajila dhiyeessuu, fooyyessa Itiyoo Telekoom saffisiisuu, tajaajila daddabarsa maallaqaa mobaayiliin gaggeffamu babal'isuufi dandeeitiwwan fayyadama dinagdee dijitaalawaafi murteessaa ta'uu dubbataniiru.



BARIISAA



Tashoomaa Qadiidaatiin

“Itoophiyaan carraa waancaa Afrikaa ALA 2029 qopheessuu yoo argatte milkeessuu dandeessi”

- Inistiraaktar Solomoon Gabrasillaasee

Waancaan kubbaa miilaa Afrikaa Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaa (‘CAF’)n erga adeemsifamuu jalqamee waggoota 67 lakkoofsiseera. Waggoota kanneenitti yeroo 34f adeemsifameera.

Waggoota 53 booddee waancaa 37faa ALA bara 2029 qopheessuuf yaa’ii 46faa ‘CAF’ tibbana Finfinneetti adeemsifamerratti gaafii dhiyeessuudhaan deebii eeggachaa jirti.

Gaazexaan Bariisaas Roobii darbe waa’ee gaaffii dhiyaateefi dhimma yoo carraan qopheessummaa argame qophiin akkamii taasifamuu qaba jedhurratti hayyuu ispoortii muuxannoo biyya keessaafi alatti kuufatanii qaban dubbiseera.

Hayyichi, Obbo Solomoon Gabrasillaasee jedhamu; inistiraaktara ispoortii kubbaa miilaa, akkasumas komishinara tapha kubbaa miilaa biyyoolessaati.

Godina Arsii, Magaalaa Asallaatti kan dhalatan Obbo Solomoon Yunivarsitii Barnootaa Kotobeerraa Barumsa Ispoortii dippilooma, maanejimeentiidhan ammoo digrii jalqabaa qabu.

Akkasumas Jarmanitti leenjii bulchiinsa ispoortii fudhatanii. Walumaagalatti waggoota 35 oliif sadarkaalee Oromiyaafi biyyaatti waajjiraalee ispoortii hoggananiiru, caasessaniiru. Federeeshinii Kubbaa Miilaa Itoophiyaatti daarektara dorgommii, barreessaa lammafaafi tokkoffaa ta’uun hojjetaniiru. Taphataafi leenjisa ta’aniis biyyasaniis tajaajilaniiru. Ammaan tanas komishinara, inistiraaktaraafi abbaa murtii ta’uudhaan biyya keessaafi alatti hojjetaa jiru.

Bariisaa: Itoophiyaan ALA bara 2029 waancaa kubbaa miilaa Afrikaa keessummeessuuf gaaffii dhiheessiteetti. Akka hayyuu ispoortii kubbaa miilaa tokkootti maaltu isinitti dhaga’ame?

Obbo Solomoon: Akka lammii, inistiraaktaraafi ogeessa ispoortii kubbaa miilaa tokkootti osoon lubbuun jiruu gaaffiin nan qopheessaa dhiyaachuusaatti gammachuu guddaatu natti dhagahame. Maaliif yoo jedhame biyyi teenya, Itoophiyaan maaliif waancaa kubbaa miilaa Afrikaa hinqopheesine abjuu jedhu yeroo heddu abjoochaan ture. Har’a gaaffiin akkanaa ka’usaatti baay’een gammade.

Bariisaa: Itoophiyaan carraa waancicha qopheessuu yoo argatte bu’uraalee misoomaa taphichaaf barbaachisan guuttattee akkamiin milkeessuu dandeessi?



Suurri : Iyyoob Tafariitiin

Obbo Solomoon: Eeyyee. Itoophiyaan waancaa ALA 2029 qopheessitee milkeessuu dandeessi. Itoophiyaan biyyoota ardittii waancaa kubbaa miilaa jalqabsiisan keessaa ishee tokko. Yeroo sadiif waancaa kubbaa miilaa Afrikaa keessummeessuun tokkotti mo’atteetti. Yeroo sana haala gaariidhaan qopheessitee keessummootashee gageessiteetti.

Itoophiyaan biyya oggeessota ispoortii kubbaa miilaa baay’ees qabduudha. Fakkeenyaaf Obbo Yidnaqaachoo Tasammaa waggoota 15f Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaa hogganan kaasuun ni danda’ama.

Kana biratti ammoo kutannoon mootummaan pirezidaantiifi ministira muummeerraa kaasee qaamoleen dhimmi ilaallatu agarsiisaa jiranis kan namatti toluudha. Kanaafuu haala gaariidhaan akka milikaa’u abdi guddaan qaba.

Bariisaa: Sadarkaa bu’uraaleen misoomaa ispoortii keenya akka istaadiyoomiifaa irratti argamanirratti maal jettu mee?

Obbo Solomoon: Akkuma biyyoolessaattuu walmorkii kubbaa miilaa keessummeessuuf istaadiyoomonni dorgommii keessummeessan jaha jiraachuu qabu. Kanneen ala shaakalaaf istaadiyoomota giddugaleeyyii afurii oltu barbaachisa. Biyya keenyatti garuu istaadiyoomota kanaa oltu jira.

Naannoleen istaadiyoomota sadarkaa biyyoolessaa gaafatu ijaaramaniiru. Istaadiyoomonni Dirree Dhawaa, Baahirdaar, Hawaasaafi Abbabaa Biqilaa sadarkaa gaariirra jiru. Hojii xinnoo barbaachisa malee istaadiyoomonni kaanis naannoleetti ni argamu.

Warri haaraa Finfinneetti ijaaramaa jiran istaadiyoomonni Adayi Ababaafi Aqaaqiis sadarkaasaniis eeggatanii akka xumuraman kutannoon mootummaa federaalaa ni muldhisa.

‘FIFA’s ta’e ‘CAF’ hojii qulqulluu malee dhiibbaa biroo gochuu hinbarbaadan. Yeroon walmorkiin waancichaa itti adeemsifamu dheeraa waan ta’eef bu’uraaleewwan misoomaa sirnaan hojjetanii fixuun nidanda’ama. Carraan kun nuharkaa akka hinbaaneef hundi keenya humna qabnu maraan irratti birmaachuu qabna.

Bariisaa: Biyyi teenya walmorkii kubbaa miilaa kanaaf dorgomtuu cimtuu taatee dhihaachuuf maaltu isheerraa eegamaa?

Obbo Solomoon: Kanarratti Federeeshiniin Kubbaa Miilaa Itoophiyaa haaluma waadaa galeen xiyyeeffannaan hojjechaa waan jiruuf hangasitti garee kubbaa miilaa cimaa horachuun ni danda’ama. Magaalota naannoleefi iddoowwan baay’ee gareewwan kubbaa miilaa heddu horachuuf hojjiin kubbaa miilaa cimaa hojjetamaa jira. Gareewwan kanneen keessaa taphattoota ciccimmoo baasuun nidanda’ama. Federeeshinichi ammurraa kaasee bakka kilaboonniifi ispoortiiin kubbaa miilaa jiru dhaqqee hojjechuuf tattaafachaa jira.

Bariisaa: Ejjennoo mootummaan Waancaa Kubbaa Miilaa Afrikaa qopheessuuf qabate akkamitti ibsitu?

Obbo Solomoon: Mootummaan hojiilee misoomaa adda addaatiin kutannoo guddaadhaan hojjechaa jira. Akkuman irrannatti kaase gaaffiin kun yaa’ii 46faa asitti adeemsifame kana qofarratti miti kan ka’e. Ji’oota afur dura Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad taphattoota urjii Afrikaa durii Finfinneetti affeeruun wayita tapha michummaa taasisanitti yaada waancaa 2029 ni qopheessina jedhu kaasanii turan. Taphattoota urjiiwwaniinis ambaasaaddara ta’uudhaan akka nugargaartan jedhanii turan.

Taphattoonni urjiiwwanis Ambaasaaddara ta’uudhaan Itoophiyaa maddii dhaabataniis dadammaqsa gochaa jiru. Kanaafuu mootummaan xiyyeeffanna guddaa kennuufiin misooma ispoortii kana babaldhisaa jira.

Bariisaa: Haayyoota ispoortii akka keessaniifi kaanirraa maaltu eegama?

Obbo Solomoon: Abbootiin qabeenyaa, namoonni beekamoon dhaabbileen ispoortiifi kaan milkaa’ina hojii kanaatiif garanummaa

tarsiimoo qopheessanii hojjechuu qabu. Mootummaanis akkuma misoomawwan birooof halkanii guyyaa hojjetu kanarrattis sochiisaa cimsee ittifufuu qaba.

Bariisaa: Carraawwan waancaa Afrikaa qopheessuun walqabataniis dhufan akkamitti ibsitu?

Obbo Solomoon: Akkuma beekamu ispoortiiin kubbaa miilaa addunyaarratti jaalatamaafi ummata heddu kan hirmaachisuudha. Ispoortiiin hawaasa tokko keessatti misooma, hawaasumaafi dinagdee waan ta’eef shoora olaanaa taphachuu danda’a. Isaan walqabatee wayita walmorkiin adeemsifamu namoonni biyyaa gara biyyaa, naannoodhaa gara naannooti ni socho’u. Oggaa socho’an bakka dhaqan sanatti dadammaqiinsa dinagdee guddaatu uumama.

Kanaafuu bu’uraalee misoomaa kanneen akka daandii, hoteelota ammayyaa sadarkaasaniis eeggatan, reestoraantota, walumaagalatti iddoowwan bashannanaaf oolanirratti xiyyeeffannaan hojjetamuu qaba.

Reestoraantoniifi hoteelonni, iddoowwan bashananaa qopheessuun dinagdeesaniis guddisu qabu. Mootummaan ammoo iddoowwan hawwata turizimii akka daaw’atan geejiba ga’aa qopheessuuf ammurraa kaasee ittiyaadamuu qaba.

Waanca kubbaa miilaa Afrikaa kana qopheessuu keenyatti waggoota dheeraadhaaf rakkina istaadiyomaatiin wal qabatee biyyoota ollaa kadhachuudhaan wal morkii biyyoolessaafi tapha michummaa dhama’aa kan jiru gareen biyyaaleessaa asitti akka taphatuuf carraa guddaas ni argata.

Inni guddaan waancaan kubbaa miilaa Afrikaa asitti qophaa’un biyyattiin galii guddaa akka argattuuf faayidaa olaanaa qaba. Naannoleen istaadiyoomota magaalotasaaniitti sababa kanaan ijaaramanitti fayyadamuun shaampiyoonawwan adda addaa qopheessuu danda’u.

Qophichaan walqabataniis bu’uraaleen misoomaa adda addaa, kanneen akka daandii, hoteelota sadarkaasaniis eeggatanii ittifufiinsa tajaajila kennan horachuuf gumaacha olaanaa qaba.

Akkasumas gareewwan dargaggoota guddattootaafi dargaggootaa, kan dubartootaa cimsuudhaan dirree sadarkaasaa eeggatanirratti akka shaakalan gochuufis carraa guddaa bana.

Itoophiyaafi Ertiraan Onkoloolessa 21 Juubaatti tapha Chaan adeemsifatu

Finfinnee: Taphattoonni liigii biyya keessaa qofti kan irratti hirmaatan shaampiyoonaan kubbaa miilaa Biyyoota Bahaafi Giddualeessa Afrikaa “CHAN” magaalaa guddoo Sudaan Kibbaa, Juubaatti adeemsifamuuf Itoophiyaan Eritiraa wajjin taphachuuf ramadamteetti.

Walmorkii gulaalaa gulaalaa duraa dhaqaafi deebiidhaan adeemsifamu

kanatti Itoophiyaafi Ertiraan walmorkii duraa kan taasifatan Onkoloolessa 21 yoo ta’u, kan deebii ammoo Onkoloolessa 24 bara 2017 akka adeemsifatan sagantaan federeeshina kubbaa miilaa biyyoota bahaafi giddugaleessa Afrikaarraa nu ga’e mul’iseera.

Shaampiyoonicharratti biyyoonni bahaafi giddugaleessa Afrikaa 11 kan hirmaatan

yoo ta’u, Sudaan Kibbaa Taanzaaniyaa wajjin, Burundiin Somaalee wajjin, akkasumas Jibuutiin Ruwaandaa wajjin taphatu.

Ugaandaan shaampiyoonaa waancaa bara darbee ta’usheetti biyyoota mo’attootaa tapha ittaanuuf darban keessaa tokko wajjin taphachuuf eegaa waan jirtuuf kan gulaalaa gulaalaa kanarratti hinramadamne.

